# XIINXALA MOGGAASA MAQAA BAKKEEWWANII GANDOOTA GODINA ILUU ABBAA BOOR AANAA DAARIMUU

MOOTUMMAA CAALCHISAA FIIXEETIIN

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMA ANITIITTI, MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE

HAGAYYA, 2014/2022

JIMMA

YUUNIVARSIITII JIMMAA

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANITIITTI, MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

# XIINXALA MOGGAASA MAQAA BAKKEEWWANII GANDOOTA GODINA ILUU AABBAA BOOR AANAA DAARIMUU

MOOTUMMAA CAALCHISAA FIIXEETIIN

GORSAAN: CIMDII WAAQUMAA (Ass.Prof)

GORSAA AANTEE: TASHOOMAA BALAAYINAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMA ANITIITTI, MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF

DHIYAATE

HAGAYYA, 2014/2022

JIMMA

**Yuunivarsiitii Jimmaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa**

Waraqaa Qorannoo ulaagaa Digirii lammaffaa (MA) Afaaan Oromoo Barsiisuunguuttachuuf Mootummaa Caalchisaatiin mata duree: "Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii Godina IluuAbbaa Boor Aanaa Daarimuu" filataman keessatti jedhuun hojjetame sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

**Qorataa**

Maqaa Mootummaa Caalchisaa Fiixee Mallattoo_______Guyyaa______

**Koree Qormaataa**

Gorsaa __________________________ Mallattoo_________ Guyyaa_____

Gorsaa Aantee ______________________ Mallattoo_________ Guyyaa______

Qoraa Alaa ______________________ Mallattoo________Guyyaa______

Qoraa keessaa______________________ Malltaoo__________ Guyyaa______

---

Itti Gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

**Mirkaneeffannaa**

Ani Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame qorannoon mataduree “Xiinxala Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Daarimuu” filataman keeessatti jedhuun hojjetame kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta’uu mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa: Mootummaa Caalchisaa Fiixee

Mallattoo:_________________

Guyyaa:_____________________

# Galata

Hunda dura hojii kana akkan hojjedhuuf fayyaa kan naaf kenne Waaqayyoof galanni guddaan haa ta'un jedha. Itti aansuun hojii qorannoo kanaa milkeessuuf jalqabaa hanga dhumaatti dadhabbiifi nuffii tokko malee gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf taasisaa turan gorsaa koo Cimdii Waaqumaa ganalliifi kabajni ani isaaniif qabu baay'ee guddaadha. Akkasumas gorsaa aantee koo Dr. Tashoomaa Balaayinaa deeggarsa ogummaa naaf taasisaniif galata guddaan qaba. Kanaraatti hunduma isaaf waaqayyo umrii dheeraa isiniif haa kennu hamtuun isin hin argiin jechuun barbaada.

Gama biraatiin hojii qorannoo kana akkan galmaan ga'uuf waan hundumaan na cinaa dhaabbatanii na jajjabeessaa kan turan Obbolessa koo Addaamuu Caalchisaa, haadha warraa koo Caaltuu Tarrafaafi hiriyyoota koo  warra dhimma qorannoo kana irratti yaadaan na cinaa dhaabbachuun na jajjabeessaniif galanni koo daangaa hin qabu. Dabalataanis Manguddoo yeroo isaanii aarsaa godhanii Afgaaffii gaafadheef deebii naa kennuun kan na wajjin hirmaataniifi Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaaa Daarimuu ragaa na barbaachisu hanga ofirraa qaban naa kennuun waan na cina dhaabbataniif galanni koo guddaadha.

# AXEREERAA

*Kaayyoon qorannoo kanaa Moggaasa maqaa bakkeewwan beekamoo Godina Iluu Aabbaa Boor Aanaa Daarimuu irrattidha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas bu'uura moggaasa maqaa bakkeewwanii, moggaasni maqaa bakkeewwanii dhaamsa akkamii akka qabu, akkasumas dhiibbaa sirnoota darbaniin moggaasa maqaa bakkeewwaniirra gahe hubachuudha.Qorannoo kanafis yaaxina jiran keessaa yaaxina fakkoommii bu'uureffateera.Haaluma kanaan moggaasa maqaa bakkeewwanii kanaaf saxaxni qorannoo kanaa ibsaa yoo ta'u, gosti qorannoo kanaa ammaoo qorannoo akkamtaa/qulqulleeffataati.Odeeffannoon barbaachisoo ta'anis meeshalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa afgaaffii banaafi maree garee xiyyeeffanootiin funaanamee jira. Haaluma kanaan odeefkennitootni afgaaffiin odeeffannoon irraa funaaname namoota kudha- lama yoo ta'an kan maree garee xiyyeeffannoo ammo namoota kudhan walii galatti namoota digdamii-lamarraa qorannicha keessatti hammachiisee jira. Odeefkennitootni kunis manguddoota, haadholii,hojjettoota aadaafi tuurizimii aanaa daarimuu irraa kanneen moggaasa maqaa bakkeewwanii irratti muuxannoofi hubannoo qaban filatamanii irraa sassaabamanis mala qorannoo ibsaatiin hiikni itti kennamee qaacceffameera. Qorannoo kanaaf odeeffannoo barbaachisaa ta'an odeef-kennitoota mala iddatteessuu miti-carraa keessaa akkayyoofi darbaadabarsaatiin filataman irraa funaanameeera.Odeeeffannoo qorannichaa funaanamee irratti hundaa'uun goolabni isaa bira gahamee jira. Qorannoo kana keessatti akka argannoo waliigalaatti wanti argamee, moggasni maqaa bakkeewwanii maqaa namaa, haala qilleensaa, wantoota naannoo sanatti baay'inaan argaman, maqaa namaafi haala bakka sanaa walittii qindeessun akka ta'eefi dhiibbaa sirnoota darbaniitin Oromoon aanichaa yaadannoofi seenaa moggaasa maqaa bakkaa kan isaa dagatee akka kan biraa dhaalu ta'uun isaa, akkasumas moggaasni maqaa bakkeewwanii dhaamsa mataa isaanii kan qabaatu ta'uu hubatameera. Kanaafuu moggaasni maqaa bakkeewwaniif kennamu bakkee sanaaf mallattoo ykn bakka bu'aa maqaan sun ittiin waamamuu kan ta'edha jechuudha.*

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Galata....i

AXEREERAA....ii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA....1

1.1 Seen-Duubee Qoranichaa....1

1.2. Ka'umsa qorannichaa....5

1.3 Kaayyoo Qorannichaa....6

1.3.1 Kaayyoo Gooroo....6

1.3.2 Kaayyoo Gooree....6

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa....7

1.5 Daangaa Qorannichaa....7

1.6 Hanqina Qorannichaa....7

1.7 Qindoomina Qorannichaa....8

1.8 Ibsa Naannoo Qorannichaa....8

1.8.1 Argamaafi Moggaasa Maqaa Aanichaa....8

1.8.2 Kaartaa iddoo qorannoon itti gaggeefame....10

1.8.3 Seenaa Dhufaatii Oromoo Aanaa Daarimuu....11

1.8.4 Hidda latinsa oromoo Daarimuu....14

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII....15

2.1Maalummaa Maqaa....15

2.2 Moggaasa maqaa....15

2.3 Hiikaafi Seenaa Moggaasa Bakkeewwanii....16

2.4 Faayidaa Moggaasaa maqaa....17

2.5 Walitti Dhufeenya Moggaasaafi Hawaasaa....18

2.6 Bu'uura Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii....19

2.6.1 Maqaalee Bakkeewanii Maqaa/ Sanyii Namaa Bu'uura Godhachuun Moggaafaman .19

2.6.2 Maqaalee Bakkeewwanii Haala Qillensaa, Tessuma lafaafi Wantoota Naannoo Sanatti Baay'inaan Argamanii Bu'uura Godhachuun Moggaafaman....20

2.6.3 Maqaalee Bakkeewwanii Taatewwan Bu'uura Godhachuun Moggaafaman....20

2.6.4 Dhiibbaa Sirnoonni Siyaasaa Darban Moggaasa Maqaa Bakkewwaniirratti Geessisan ........................................................................................................................20
2.9 Yaaxina Qorannichaa ........................................................................................21
2.9.1 Fakkoomii Gochaan Argaman ........................................................................22
2.9.2. Fakkoommii Mallattoon Argaman ..................................................................23
2.9.3 Fakkoommiifi Beekumsa ..............................................................................24
2.10 Barruu Walfakkii ..............................................................................................25
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ..................................................27
3.1 Saxaxa Qorannichaa ..........................................................................................27
3.2 Akaakuu Qorannichaa .......................................................................................27
3.3 Irraawwatama Qorannichaa ...............................................................................28
3.4. Madda Odeeffannoo Qorannichaa....................................................................28
3.5 Iddattoofi Mala Iddatteessuu..............................................................................29
3.6. Meeshalee Funaansa Ragaalee..........................................................................30
3.6.1. Afgaaffii .........................................................................................................30
3.6.2 Marii Garee ......................................................................................................31
3.7. Mala Ragaan Ittiin Xiinxalamu .........................................................................32
3.8 Naamusa Qorannichaa.........................................................................................33
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE ..........................................................34
4.1 Bu'uura Moggaasa maqaa bakkeewwaniii ..........................................................34
4.1.1 Moggaasa maqaa bakkeewwwanii haala teessuma lafaan moggaafaman .....................34
4.1.2 Moggaasa maqaa bakkeewwanii maqaa namaan, sanyii /qomoon moggaafaman ........36
4.1.3 Wantoota Naannoo sanatti Argamaniin Bakkeewwan moggaafaman ...........................42
4.1.4 Maqaa bishaaniin Bakkeewwan moggaafaman...........................................................44
4.1.5 Maqaalee Bakkeewwanii Taatee bakka sanaan walqabatanii Moggaafaman...............45
4.2 Dhiibbaa sirnoonni Darban Moggaasa Maqaa Bakkewwaniirratti Geessisan ......................50
4.3 Dhaamsa moggaasni maqaa bakkeewwanii qabu...............................................52
4.3.1.Yaadannoo: .........................................................................................................53
4.3.2.Bakka tokko bakkee biroorraa adda baasuuf: ......................................................53
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOFI FURMAATA ....................................54
5.1. Cuunfaa ..............................................................................................................54

5.2. Arganno .......... 55
5.3 Furmaata .......... 56
WABIILEE .......... 57
Dabalee A .......... 59
Dabalee B .......... 60
Dabalee C .......... 61
Dabalee D .......... 62
Dabalee E .......... 63
DabaleeF .......... 63

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seen-Duubee Qoranichaa

Moggaasni dhufaatii afaanii irraa adda bahee kan ilaalamuu miti. Afaan dhufaatii ilma namaa wajjin walitti dhufeenya cimaa waan qabuuf adda baasuun rakkisaadha. Kanaafuu, dhimmi moggaasaafi seenaan ilma namaa umrii dheeraa lakkoofsisee jira. Walitti dhufeenya afaaniifi moggaasaa maqaa dameen saayinsii qoratu xinqooqa hawaasaa/sociolinguistics/ jedhama. Waa'ee xinqooqa hasaasummaa ilaalchisaa toora interneetiirraa yaadni fudhatame: ''Socio linguistics is a scientific displine based on a linguistics, sociology a broad range of problems associated with the social nature of language.The social function of language, and the way in which social factors influence language'' .*Madda hhttps:www.researchgate.net/publicatio n/331285240-sociolinguistics*

Yaada armaan olii irraa wanti hubannu xinqooqni hawaasa saayinsii xinqooqni rakkoo afaanii uumamaan hawaasa gidduu jiru kan hiikudha. Kana jechuun garaa garummaa hawaasaafi afaan gidduu jiru saayinsii qo'atudha. Faayidaa hawaasni afaan irraa argatuufi dhiibbaa karaa afaanii dhufu kan qo'atu xinqooqa hawaasaati. As keessatti gahee afaan qabu faayidaa hangaamii akka qabu?Rakkooleenkaraa afaanii hawaasaa irratti dhiibbaa fidan maali? Gaaffiiwwan jedhaniif kan biroo kan deebisu xinqooqa hawaasaa /socio linguistics/dha.

Moggaasni qaama afaaniiti, xinqooqinni immoo seeraafi amala afaan tokkoo qorata.Xinqooqni hawaasummaa moggaasi tokko yeroo geggeefamu seeraa afaan moggaasi sun keessatti geggeefamuun walsimachuu qaba jedha.Kanaaf moggaasi tokko seera afaanichaaf abboomamuu qaba yaada jedhu of keessaa qaba. Gama biroon, caasaa Afaanii keessatti maqaaleen haala itti faca'anii jiran irratti xiyyeeffata.Yaaxina kallattii xinqooqa hawaasummaa keessatti maqaaleen afaan kamiyyuu ulaagaa xinqooqa afaanichaa eeguun qoratama.Kana jechuun ulaagaan afaan tokko keessatti hojiirra oolu kan afaan biroo keessatti garagaara miti. Yaada kana irratti (Anderson-2007, f.73 ) yoo ibsu:"The philosophical tradition, and in recent years, at least, has to some extent impinged on the latter, has been concerned with the manifestation of names in different languages and is framed within different theoretical linguistic frameworks." Gabaabumatti hariiroon hawaasaafi moggaasaa yeroo ammaafi durii maal akka ta'e hubachuun barbaachisaadha.

Dabalataaanis (Abdulsamad 1994, f.51) maalummaa moggaasaa yoo ibsu “jechoonni namaaf, mukaf, meeshaaf, gochaaf, yookaan yaadaaf mosssggaafaman maqaa jedhamu” jedhee hiika.Akka yaada kanaatti moggaasni waan lubbuu qabuufi hinqabne kan ittii waamamu ta’uu isaati.kanaafuu moggaasni kennamu tokko lubbuu qabaateef ykn hin qabaatiniif osoo hin ta’iin waanuma moggaafamuu qabuuf kan mogga’udha.Mggaasni waan tokkoo maqaa lafaas ta’ee maqaa namaas yookaan immoo uumama biroos yoo ta’e waan moggaafamuuf akkasumas, hiika mataa isaa kan qabudha. Kunis immoo moggaasni namaaf, bakkeewwaniif, uumama birootiif moggaafamu hiika mataa isaa akka qabu ta’uu isaati.Moggasni maqaa yoomiifi haala kamiin akka jalqabe addaan baasuun rakkisaa ta’a. Sababiin isaas haala dhuftee afaanii waliin hariiroo waan qabuuf,moggaasni maqaa yoom akka eegale ibsuun rakkisaa ta’us erga dhalli namaa uumamee booda yoo jedhame tilmaamaan ibsuun ni danda’ama.

Kunis, jalqabbiin moggaasa maqaa umurii afaan dhala namaa wajjiin kan wal qabatuufi dheeriina umuriisaarraa kan ka’e haalli jalqabbii moggaasa maqaa maal akka fakkaatu adda baasanii kaa’uun rakkisaa akka ta’e nimul’isa. Kanumarraan dhuftee dhala namaafi moggaasni maqaa yeroo dheeraa kan tureefi walitti dhufeenya qabachuu isaa hubachuun ni danda’ama.Kana ilaalchisee( Smith 1969:168) yoo ibsu, “Names undoubtedly originated during the very earliest beginning of the birth of language,” jedha. Yaada kanaarraa akkuma hubachuun danda’amutti, dhimmi moggaasa maqaa dhimmi jalqabbii afaanii walii wajjinhidhata kan qaban akka ta’e mul’isa. Kunis umriin moggaasa maqaa kan afaaniifi dhala namaarraa kan adda hin baaneefi dheeraa ta’uusaa agarsiisa.

Maqaan yeroo kennamu dhuunfaan yookaan gareedhaan ta’uu danda’a. Maalummaa maqaarratti, yaada armaan olitti ibsame kana deeggaruun, Eddy (2005:599) yoo ibsu, “Name is a word to pick out and refers to a fellow human being, animal and an object or class of such beings and objects,” jechuun kaa’a. Yaada kanarraa waanti hubatamuu danda’amu maqaan namoota, bineeldotaafi wantootaaf dhuunfatti yookaan gareedhaan kan kennamu ta’ee isa tokko kan biraarraa adda baasuuf akka gargaaru hubanna.

Addunyaa kanarraa hawaasni jiraatu afaan adda addaa kan dubbatuufi aadaa, duudhaafi haala jireenyaa garaa garaa kan qabu yoo ta’u, akka aadaafi duudhaa isaatti, namootaaf, bakkeewwaniifi wantoota biroof maqaa moggaasee ittiin waama. Yaada kana ilaalchisee Stewart (1967:4) yoo ibsu, “…tribe speaking different languages and thinking different thought.

According to their way of speech and thought they gave nam*e*."Yaada kanaarraa akka hubatamutti, sanyii/qomoon afaan adda addaa dubbattu yaada garaa garaa akkuma qabuun, akkaataa dubbiifi yaada isaatti maqaa baasuun akka itti fayyadamu agarsiisa.

Moggaasni maqaa aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo waliin walqabataa akka ta'e barressitoonni tokko tokko niibsu.Yaada kana ilaalchisee Marsanii (2008, f.15) yoo ibsu, "Moggaasni maqaa aadaa sabaa keessaa isa tokko.Hiikni maqaa moggaafamee kunis hiika sirrii kan argatu aadaa hawaasa maqaa sana moggaase keessatti qofa,"jedha.Kana jechuun moggaasni tokko waan moggaafameef, sababni jiraatee sababa moggaafameefis kan beeku aadaama bakka moggaasni sun kennameefiin hiikoo kan argatudha jechuudha.Kanarraa ka'uun akkuma afaan mallatto eenyummaa saba tokkoo ta'e maqaanis mallattoo hawaasa tokkoo ta'uu isaarraayyuu maqaan moggaafamu tokko hiika kan argatu aadaa hawaasa moggaasni itti kenname keessatti qofa akka ta'e hubanna.Haalli moggaasa maqaa aadaafi duudhaa yookaan amantii hawaasaa waliin hidhata niqabaata.Hawaasni tokko namaaf, bakkaafi wanta biroo tokkoof yoo maqaa baasu, aadaa isaa bifa ibsuufi dabarsuu danda'uun moggaasa.

Maalummaa hiika maqaa ilaalchisee beektonni tokko tokko yaada garaa garaa kaa'anii jiru. Haaluma kanaan (Addunyaan 2010, f.117) waa'ee maqaa yoo ibsu, "Maqaan moggaasa namootafi wantootaati jechuun gahadha," jechuun ibseera.Yaada kanarraa akkuma hubatamutti maqaan kan kennamu namootas ta'e wantoota adda addaaf ta'uu agarsiisa.Haaluma kanaan maqaan moggaafame sun namaafi bakka yookaan wantoota biroo hawaasicha biratti adda bahee ittiin waamamuuf tajaajila.Maqaan jecha yookaan jechoota namoonni, bakkiifi wantoonni ittiin waamamanifi ittiin beekaman akka ta'e yaanni hayyoota tokko tokkoo niibsa. Maqaan kan namni, bakkiifi wantoonni ittiin beekaman ta'a jechuudha.Wantoonni hawaasa ibsan hedduudha. Isaan keessaa tokko moggaasa maqaa bakkeewwaniidha. Moggaasni maqaa bakkeewwaniijiruufi jireenya hawaasa tokkoo akkasumas eenyummaa hawaasa tokkoo ibsuu keessatti gahee olaanaa qaba. Kana jechuun moggaasni bakkaakan hawaasni jechoota afaan itti waliigaluun yaada keessa isaa jiru ittiin ibsatuudha. Moggaasni kan hawaasni jechoota afaan waliigaltee isaaniitiin gargaaramuun eenyummaa isaa itti ibsatu ta'uu agarsiisa. Moggaasni kamiyyuu sababa tokko malee hin moggaafamu. Hawaasni moggaasa san moggaase waan tokko bu'uura godhachuun kan moggaasu waan ta'eef kunis kan hiika argatu hawaasuma san biratti ta'a.

Wantoonni moggaafaman kunniinis maqaa lafaa, namaafi wantoota biroo ta'uu danda'u. Akka galmee jechaatti moggaasuu jechuun maqaa namaafi yookaan wantootaaf kennuu waliin hidhata kan qabaadha. Kanaafuu moggaasuun inni jalqabaa sirna yookaan kabaja nama/wanta/ tokkoof maqaa baasuuf jecha gaggeeffamuudha. Itti aansuun adeemsa wantoota tokkoof maqaa baasuu godhamuufi inni dhumaa gocha maqaa nama tokko yookaan dhaabbanni tokko ittin beeksisamuudha. Akka yaada kanaatti moggaasa jechuun adeemsa sirni tokko itti gaggeeffamu ta'ee wantootaaf maqaa kennuun ykn itti baasuun waanti sun akka ittiinbeekamu gochuudha.Kanaafuu,moggaasni bakkeewwanii maal irraatti hundaa'ee akka moggaafame yookaan akkamitti moggaafame kan jedhu manguddoota waan kana beekaniifi namoota hubannoo qaban gaafachuun seenaa qoratanii galmeessanii olkaa'uun dhalootaaf galtee guddaadha.

Moggaasa maqaa bakkeewwanii (toponym) maqaa bakkaa yookaan qaama ji'oograafawaa kamiyyuu ibsuuf kan moggaafamedha. Akaakuwwan moggasa maqaa bakkeewwanii keessaa kan akka qaama bishaanii (hydronym)fi moggaasa maqaa gaarreeniifi tulluwwanii (orrnonym) maqaa dhawuun ni danda'ama. Saayinsistiin waa'ee moggaasa bakkeewwanii qo'atu immoo tooppoono mastiiksii (toponomastics) jedhamuun beekama.

Akka Galmee jechoota Oksifoordii Afaan Ingiliffaatti jechi moggaasa maqaa bakkee jedhu kan yeroo jalqabaatiif Afaan Ingiliiffa keessatti mul'ate bara 1876tti. Tooppoonimistoonni (qo'attoonnii) moggaasa maqaa kan yeroo jalqabaa seenessitootaafi walaleessitoota warren moggaasa maqaa bakkee seenessaa turaniif walaloowwaniin ibsaa turaniidha. Moggaasni maqaa bakkeewwanii kan irratti xiyyeeffatu: maqaa namaa, mudannoo bakka sanatti ta'e, haala teessumaa lafaafi qaama bishaanii, wantoota naannoo sanatti argaman yookaan biqilaniifi waan kana fakkaatanirratti hundaa'unidha.

Qorannoo kanaa keessatti waa'ee moggaasa maqaa bakkeewwanii ilaalchisee, Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii, haala qabatamaa Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Daarimuu moggaasni maqaa maal akka ta'e qaaccessuun dhiyeessuu ta'a. Kunis haalli moggaasa maqaa bakkeewwan Aanaa Daarimuu ergaa akkamii akka qabu, maal akka bu'uureffatuufi dhiibbaa siyaasni yoookan sirni garboomfataa moggaasa maqaa bakkeewwanii irratti qabu qorataan qorannoo kana keessatti xiinxalee dhiyeesseera.

## 1.2. Ka’umsa qorannichaa

Hawaasa keessatti moggaasni bakkeewwanii eenyummaa saba tokkoo, qabeenya uumamaa, haala qilleensaa, biqiloota, bineensotafaa ibsuu keessatti gahee olaanaa qaba. Moggaasni bakkeewwaniis waan baay’ee hawaasni tokko qabuufi hawaasni sun ittiin ibsamuudha.

Dhimmootni qorataa kana kakaasan keessaa inni jalqabaa, seenaan moggaasa maqaa bakkeewwanii sababoota adda addaatiin dagatamaa deemuu isaati. Moggaasni bakkeewwanii kun dagatame jechuun immoo waa’ee bakka sanii beekuun rakkisaadha. Dabalataanis, akka Godina Iluu Abbaa Boorittiifi keessattuu hawaasa Aanaa Daarimuu keessatti kana dura qorannoon moggaasa maqaa Bakkeewwanii irratti gaggeeffame kan hinjiirre ta’uudha. Kanaafuu, qorataan qorannoo kana moggaasni maqaa bakkeewwanii kun osoo guutummaa guutuutti hindagatamiin qoratamuu qaba yaada jedhu irraa ka’uun qorannoo kana gaggeessuuf isa kakaase jira.

Kanaafuu, qorataan kana ka’umsa taasifachuun haalli moggaasa maqaa Bakkeewwanii Aanaa Daarimuu ergaa akkamii akka qabu, bu’uurri isaa maal akka ta’efi dhiibbaa sirnoonni darban moggaasa maqaa bakkeewwanii aanichaarratti geessisan ifatti bahuu dhabuufi jaarsooliin raagaa ta’an waa’ee aadaafi seenaa durii beekaniifi dhiibbaa moggaasa maqaa bakkeewwanii irra ture namoonni yaadatan yeroo jiran kanatti utuu qoratamee ifatti bahee yaada jedhuudha.

Haaluma kanaanis qorannoo walfakkii qorataan sakatta’etti kallattiilee qorannoon moggaasa maqaa irratti gaggeeffaman yoo ilaalaman baay’ee xiqqoo ta’uu isaati. Innis Shifarraaw (2008) ‘‘Xiinxala Sirna Moggaasa Maqaa Oromoo Gujii’’ mata duree jedhu irratti kan xiyyeeffate waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuun gamisaan guuttachuuf yuunivarsiitii Addis Ababaatti hojjetee ture. Xiyyeeffannoon isaa moggaasni maqaa Saba Oromoo Gujii keessa jiru beektotaan qoratamee ragaan qabatamaan dhabamuun rakkoo waan ta’eef, barreeffamaan dhalootaaf dabarsuun barbaachisaa ta’uu isaa ka’umsa qorannoo keessatti ibsee jira. Haaluma kanaanis Sirna moggaasa maqaa Oromoo Gujii xiinxaluun maqaalee duudhaa hawaasichaatiin moggaafaman barreeffamaan dhalootaaf kaa’uun kaayyoo qorannoo kanaa akka ta’e kaa’ee jira.

Kana malees sirna moggaasa maqaa Oromoo Gujii qoratamuun isaa haala walitti dhufeenya hawaasummaa, diinagdee, ilaachaafi kan kana fakkaatan qaama beekuu barbaaduuf akka madda

ragaatti tajaajilu isaa faayidaa qorannichaa keessatti ibsee jira. Argannoo qorannichaa keessatti immoo moggaasa maqaa Oromoo Gujii keessatti maqaa dhalootaafi maq-baasa qooda fudhannaa bulchiinsa sirna gadaa jedhamuun kan beekamu ta'uu adda baasee jira. Kana malees maqaa dhalootaa adda durummaankan moggaasu abbaa ijoollee ta'ee dabree dabree firootaasnis kan moggaasan ta'uufi bu'uura moggaasa kanaatis ibsee jira. Kana irraa ka'uun qorannoo kana qorataan kun akka gaggeessuuf isa kakaase.

Bu'uuruma kanaanis qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa armaan gadiif deebii kennuu ni danda'a jedhamee yaadama. Isaanis:-

- Moggaasni maqaa bakkeewwaniiAanaa Daarimuu maal bu'uura godhata?
- Dhiibbaan siyaasni moggaasa maqaa bakkeewwanii aanichaarratti fide maali?
- Aanaa Daarimuu keessatti moggaasni maqaa bakkeewwanii dhaamsa akkamii qaba?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kamuu yommuu adeemsifamu kaayyoo mataa isaa qabatee kan adeemsifamu yommuu ta'u qorannoon kunis kaayyoo mataa isaa qabatee kan gaggeefamedha. Kaayyoon qorannoo kanaas kaayyoo gooroofi kaayyoowwan gooree jedhamuun kan qoodamee kaa'amee jirudha.

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Moggaasa maqaa bakkeewwanii haala qabatamaa Aanaa Daarimuu qaaccessuudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

- Bu'uurri moggaasa bakkeewwanii Aanaa Daarimuu maal faa akka ta'an ibsuu
- Haalli moggaasa maqaa bakkeewwanii  Oromoo Aanaa Daarimuuf dhaamsa akkamii akka qabu sakatta'uun ifa gochuu
- Siyaasa sirnoota darbanii kaasee hanga ammaatti moggaasa maqaa bakkeewwan aanichaarratti dhiibbaa fidan sakkatta'uun ifatti baasu

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kanaa qaamota armaan gadiif bu'aa ni buusa jedhamee yaadama.

- Haalli moggaasa maqaa bakkeewwanii Aanaa Daarimuu bu'uura maalii akka godhate,beekuun warreen madda godhatanii tajaajilamaniif
- Aadaa hawaasicha ibsuu keessatti dhaamsi moggaasni maqaa bakkeewwanii qabu dhaloota haaraa hubachiisun aadaafi duudhaa itti fufsiisuufi tursiisuf akka gargaaru
- Waajjirri Aadaafi Turiizimii aanichaa, akkaataan moggaasa maqaa bakkeewwanii aadaa Oromoo keessaa maal akka fakkachaa ture adda baasuun aadicha tursiisuufi dhalootatti dabarsuuf hubannoo dhaloonni ammaa qabu cimsuufi hojii raawwatanirratti akka ka'uumsaatti itti gargaaramuu danda'u.
- Akkasumas, namoota gara fuula duraatti qorannoo kana fakkaatu hojjetaniif ka'umsa ta'uu danda'a.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qoratichi gama tokkoon qorannoo daangaa bal'aa gaggeessuun odeeffannoo hedduu argachuuf rakkoowwaan hedduu ifa baasuuf akka gargaaru kan amanu ta'uullee gama biraatiin ammoo, daangaa qorannoo dhiphisuun seeruma qorannooti. Haaluma kanaan, qorannoon kunMoggaasa Maqaa Baakkeewwan beeekamoo Godina Iluu Aabbaa Boor Aanaa Daarimuu Xiinxaluu irratti kan daangeffameedha. Aanaan kunis Gandoota 45 kan qabudha.Moggaaasa bakkeewwan tokkoo tokkoo isaanii xiinxaluun akka mul'atan gochuun daangeffameera.

Bakkeewwan Godinicha keessatti dhiyaatan hunda irratti osoo qorannoon adeemsifamee bu'aan argamu bal'aa ta'uu danda'a.Haata'u malee, ragaa kana hunda qindeessuun yeroo, maallaqaafi humna namaa hedduu waan gaafatuuf qorannoon kun Moggasa bakkeewwan Aanaa Daarimuu xiinxaluurratti kan daangeffamedha.

## 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoofi qo'annoo tokko waan tokko irratti yommuu geggeeffamu hanqina ykn muudannoo hindhabu. Kanaaf qorataan kun qorannoo kana yommuu geggeessu rakkoolee adda addaa isa muudatan ni jiru. Rakkooleen kunis; namoonni gaaffiin dhiyaateef deebii kennuuf yeroodhabuudha. Rakkoo kana furuuf beellama guyyaa isaanii mijatutti beellamuun fureera.

Akkasumas gaaffii kanaaf deebii deebisuun dura maaliif akka barbaadame gaafachuu. Dhimma qorannoo digirii lammaffaa guuttachuuf qorannoo geggeeffamu ta'uu isaa ifatti beeksisuun, sagaleedhaan waraabamuuf shakkii adda addaa qabaachuu, dhimmoota siyaasaa adda addaa sababeeffachuun diduu. Haata'u malee, ragaan funaanamu kun dhimma qorannoo kanaan ala dhimma biraaf akka hin oolle amansiisuun erga amananii booda ragaa barbadu argachuu qorannoon isaa galmaan ga'uu danda'eera.

## 1.7 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun moggaasa maqaa bakkeewwan beekamoo Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Daarimuu xiinxaluu yoo ta'u, qorannichis boqonnaa adda addaatti qoqqoodamee dhiyaatee jira. Haaluma kanaan boqonnaa tokkoffaan seenduubee qorannichaa, ka'usa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa ofjalatte hammatee jiru dhiyaateera.Boqonnaan lammaffaan ammo, yaada hayyoonni dhima kana ilaalchisee lafa kaa'an kanneen qoratichi giddu galeessa godhatetu bakka itti dhihaatee ibsamedha.

Boqonnaa sadaffaa keessatti gosa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, malleen qorannichaa, odeeeffannoon ittiin funaaname, adeemsaafi mala odeeffannoon itti qaacceffameefi itti ibsame kan ofkeessatti qabatedha.Akkasumas, boqonnaa arfaffaan ammo ragaalee jiran dhiyeessuun xiinxaluufi ibsuudha.Boqonnaa isa shanaffaa keessatti ammoo, gudunfaa, argannoo qorannichaafi yaada furmaataa walduraa duubaan hammateera.Dhumarratti kitaabilee wabiifi dabaleewwan akka odeeffannoo tajaajilantu dhiyaatee jira.


## 1.8 Ibsa Naannoo Qorannichaa

### 1.8.1 Argamaafi Moggaasa Maqaa Aanichaa

Aanaan Daarimuu aanoota kudha-arfan Godina Iluu Abbaa Boor Naannoo Oromiyaatti argaman keessa isa tokkodha. Magaalli guddoo aanichaa Duphaa jedhamuun kan moggaafameedha. Aanaan kun kan argamu kallatti LixaOromiyaa Finfinneerraa kilomeetira 674 fagaatee kan argamudha. Aanaan kun lixa Oromiyaa keessaa Godina Lixa Wallaggaafi Qeellam Wallaggaan marfamtee argamti.karaa Kaabaafi Bahaan immoo Aanaa Algee Saachii, karaa kibbaa immooAanaa Mattuun tiin daangeeffama.

Moggaasni maqaa Magaalaa aanichaa kan argames Dhuubbaakan ture sababa dhiibbaa warra nafxayyaa irraa kan ka’e Duphaa jedhanii itti maggaasani.  Sanyiin Oromoo baay’inaan aanaa kana keessa jitaatanis sanyii ilmaan warra Iluuti.(Madda odeeffannoo Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Daarimuu irraa argame.)

### 1.8.2 Kaartaa iddoo qorannoon itti gaggeefame




(*Madda odeeffannoo waajjira Bulchiinsaa Aanaa Daarimuu irraa argame.)*

### 1.8.3 Seenaa Dhufaatii Oromoo Aanaa Daarimuu

Uummanni har'a Addunyaa kana irraa jiraatan fi faranjoota waraa oldie, Arabootaafi warra bifa keelloo, akkasumas Uummatni warra gurrachaa hundi sanyii namooata kanneen kanaan dura du'aanii fi kanneen amma lubbudhaan jirataan biliyoonaan lakka wamaan sababa addaa addaan bifa fi amalaan adda addaa haaqabatanu malee maddi ka'umsaa ganamaa nama tokko irraa akka ta'e kitaboonni amantii adda addaa fi qoratoonni madda uumama dhala namaa adda addaa kanuma ta'uusaa ni mirkaneessu. Uumamni kun wal horuudhaan baay'achuusaa wal-jalaa siqinsaan haala jarreenyaasaa mijeeffachuuf bakka adda addaa qubachuun akka jiraatu taasiseera.

Bu'uuruma kanaan Uummanni Oromoos madda ka'umsa isaa jedhamuun beekamu madda walabuu(baala irraa haala jirreenya isaa mijeeffachuuf  jecha damee lamaan(2) Booranaafi Baareetuu jechuun kallatti lamaan gara kaaba bahaa fi gara dhihaatti tamsa'uun bakka amma bifa Oromoo jedhamu qabachuu danda'aniiruu.Haala kanaan dameen hortee bareentummaa kallattii Bahaa fi kaabatti dameen hortee booranaa immoo gara kaaba Dhihaa fi dhiHaatti hortee baroota hedduu fuulaa dura sochii baballachuu taasisaaniin lafa amma irraa jiran kan  qabatanidha.

Oromoonni damee gurguddoo lamaan kanaan kallattii lamaaniin baballachuu taasisaan keessatti ilmaan isaaniis dameelee kumatamatti lakkaawwamaan uummachuudhaan adeemsaa isaanii galmaan  kan gahatanidha.Bu'uuruma kanaan Oromoonni har'a Aanaa Daarimuu keessa jiraatanis adeemsa sochii baballina Oromootaa duraan tureen damee Booraanaa ilmaan maccaa keessatti uumamee keessaa wallaga irraa akka ta'e ragaan ni ibsa.( Madda raga waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Daarimuu irraa argame).Haala kanaan Aanaan Daarimuu keessuuma gurguddoo sadii(3) kan ta'an dursanii akka qabatan qorannoon godhamee ni mirkaneessa. Kanneenis Buunnoo,Daaphoofi Daarimuu, jedhaman yoo jiraate  iyyuu dameen kan biraas Dameen Cooraa jedhaamu yamboo gadidhiisisee naannoo garaa garaa amma irra jiranu kana kan qabatanii hanga har'atti turan ta'uu isaanii manguddooleen isaanii tokko tokkoo ni ibsu, kanneen sadan malees dameeleen ilmaan maccaa fi ilmaan tuulamaas aanichaa keessa kan jirataan ta'uu isaanii qorannaan godhame kun ni mirkaneessa. (madda raga waajjira Aadaafi Tuurizimii aanaa daarimuu)

Bu'uuruma kanaan Oromoon duraatti Aanaa Daarimuu jedhaamuun beekamu qabataan otuu as hin dhufin fuula dura Naannoo amma Godinaa Wallaggaan beekamuu akka turanii fi

Wallaggairraa ammoo Deeggaa achiirraa akka as dhufaan ni himaamaa.(ragaa waajjira aadaafi tuurizimii aanaa daarimuu irraa argameen)

**1. Daarimuun**

Uummanni oromoo madda ka'umsa isaa kan jedhamuun beekamu madda walaabuu /Baalee / irraa haala jireenya isaa mijeeffachuuf jecha damee lamaan [2]'n Boorantummaa fi Baarentummaa jechuun kallatti kaabaa fi dhihaatti babalchuun bakka amma lafa oromoo jedhamu qabachuu danda'aniiru.

Bu'uuruma kanaan Oromonni har'a aanaa daarimuu keessaa jiraatanis adeemsa sochii babaliifanna lafaa ummaata Oromoo daame Booranaa ilmaan Maccaa keessa uumameen Wallaggaa keessan Deeggaafi Makkoo irraa kan dhufe dha. Hortee Oromoo damee gurguddaa sadii[3] kan ta'an dursanii bakka kan qabatan Buunoo , Daaphoo fi daarimuu kan jedhamanii dha.Haa tahu malee dameen Cooraa jedhamu Yamboo gadii dhisiisanii kan qabatan ni jiru. Kanneen malees dameeleen ilmaan maccaa fi Tuulamaa aanichaa keessa akka jiran qoranaan kan mirkanneefamedha.

Jechi "Daarimuu" jedhu kunis kan nama Tummee jedhamu tokko namoota isaa yommuu sochii babaliifanna lafaaf iddoo qabachisuun ijoollee isaa warra hangafaa akkaataa duraa duubaan dhaloota isaaniin erga bakka qabachisee booda dhala isa quxisuu [xumuraa] tiin "Atimmoo dhaqii [deemi] daari mo'i" jechuun gaggeesse.

Bu'uuraa kanaan jecha "daari mo'i" irraa fudhatamuun daarimuu jedhamuun akka moggaafame manguuddoonni himu. Karaa biras daarimuun damee xixiqqaa hortee ilmaan macca keessa tokko akka ta'ee ni himama. Hortee daarimuu kan jedhaman kun balbala sadii (3) qaba sadan Daarimuu jedhamuun beekamu. Isaanis:-Buchoo–Angafa,Waloo-Quxisuu, Barihoo-Sadaffa/quxusuu-quxusuu/

**I.Buchoo**:- Kan jedhamu jalqaba dhufuun naannoo Baambii amma jedhamu yommuu qabatu Walloo immoo bishaan golol ce'ee qubate. Barihoo kan jedhamu immoo naannoo Guutoo akka qubate ni ibsama.Haala kanaan har'as yoo ta'e horteen jarreen kana sadanii haaluma duraan abbootiin isaanii qabataniin akka jiranuudha.Horteen damee buchoo jedhaman Abeeloo,


Inaariyoo, Nyahaa,Abunnaa,Saraa,Tamaanii, Awaaddii warra jedhamaniidha.Isaan kunis balbala yookiis damee hedduu of jalatti qabu.

**II.Waloo:-** Horteen damee waloo yoo dhufu obboleessa isaa Buchoon mariyatee bishaan tokko cee’ii qabadhu waan ittin jedheef bishaan kanas golol jechuun moggaasaanii gololiin cee’anii qabatan.Horteenwaloos:- Utuboo,Walsoo,Buuraa,Riqtuu,Badoo,Baabbilee,Algaa,Tuulama,Tulluu,Furdoofi Kittoodha. Ijooleen damee Walloo balbala mataa isaanii uummachuun yeroo ammas bishaan golol gama naannoo Aalgaa qubatanii jiru.

**III.Barihoo:-** Barihoo ijoolee isaa qabatee lafa qubbannoo obbolaa isaa garanaf gara gaditti hanbisee gidduudhaan gara bishaan gaabbatti aansee qubate. (Madda:Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Daarimuu)

Horteen Barihoo balbala mataa isaanii ummatanii jiraatuu isaaniis:-Allaa, Jalduu, Ilaala, Caatuu,Jaarsoo,Adamii,Sanbatoo,Makkoo, Eeguu,Janjarroo jedhamun balbala kudha lama(12) ta’uu walumagallatti daarimuu sadan biyyaa kana dhufan bosonaaf holqa jiran keessa uummata gurracha yamboo jedhaman irraa ari’atanii akka qubatan himama.Dameen Darimuu jedhamu haala armaan olitti ibsameen aanicha keessatti lafti isaan qabatanii jiran karaa konkolaataa Laaloo-Mattuu wal qaqqabsiisuu irra kallattii kibbaan ta’ee yommuu gara Mattuu adeemamu harkaa mirgarraa karaa guddaa qabatee kallattii daaphoo Gaachoon Qilxuu –Darii bakka jedhamuun deebi’ee kallatti bahan ganda qonnnaan bulaa Botoo fi Odaa Kaamma gidduu qilxuu waranna kan jedhamuun deebi’ee hanga bishaan gabbaatti lafa jiruu irra qubatanii argamu. Yeroo ammaa gandoolee Beeroo, Abunnaagalii,Baabboo,Ilaalaa, KaattaaBaarkoo,Eeguu,Hiriyoo,Adaree,Bendoo,Walee,Tuulama,Uukkii, Kusaayyefi Duphaa01 keessatti baayinaan jiraatu.(Madda: Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Daarimuu)

**1.8.4 Hidda latinsa oromoo Daarimuu**




(*Madda odeeffannoo waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Daarimuu*)

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU WALFAKKII

Qorannoo tokko gaeggeessuuf yaada hayyootaa mata-duree qorannichaa waliin walitti dhufeenya kan qaban sakatta’uun barbaachisaadha. Sababni isaas dhimma qorannichi irratti geggeeffamu sana ilaalchisee beektootni dursanii maal akka jedhan sakatta’uun qorannichaaf kallattii agarsiisuu danda’a waan ta’eefi. Kanaafuu boqonnaa kana keessatti mata dureewwan qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qabaniifi hubannoo dabalatuun akkaataa itti fufu kanaan dhiyaata.

## 2.1Maalummaa Maqaa

Maalummaa maqaa ilaalchisee barreessitoonni garaa garaa yaada addaa addaa yeroo garaa garaatti yaadiddamoota tokko tokkoo kaa’anii jiru. Maalummaa maqaa gama ilaalchisee Crystal 1989:12) yoo ibsu, “A name is a word or a phrase that identifies specific person, place or things,” jechuun kaa’a.Maqaan bakka bu’aa wanta qabatamaan yookaan yaadan jiru tokkooti.Fakkeenyaaf, maqaa bineensa “Arba” jedhu kanaa yoo fudhanne maqaan bineensa kana bakka bu’ee fakkii isaa sammuu namaatti fidu hinjiru. Isuma yoo ta’erraan kan hafee.Kanaafuu maqaan bakka bu’aa waan tokkooti jechuudha.Kana ilaalchisuun Geetaachoo (2009:97) yoo ibsu, “Maqaan jecha nama, iddoo, meeshaa, yaadafi kan kana fakkaatan bakka bu’udha,” jedha. Kanarraa ka’uun maqaan kan namni yookaan wanti tokkoo ittiin beekamuufi bakka bu’aa ta’uu isaallee nu agarsiisa.

## 2.2 Moggaasa maqaa

Moggaasni dhufaatii afaanii irraa adda bahee kan ilaalamuu miti. Afaan dhufaatii ilma namaa wajjin walitti dhufeenya cimaa waan qabuuf adda baasuun rakkisaadha.Kanaafuu dhimmi moggaasaafi seenaan ilma namaa umrii dheeraa lakkoofsisee jira.Walitti dhufeenya afaaniifi moggaasaa kana dameen saayinsii qoratu xinqooqa hawaasaa/socio linguistics/ jedhama. Kitaabni Great soviet Encyclopedia (1976 vol 24:259/ xinqooqa hawaasaa yoo hiiku ``Socio linguistics is a scientific displine based on a linguistics, sociology abroad range of problems associated with the social nature of language.The social function of language, and the way in which social factors influence language`` jedha.

Yaada armaan olii irraa wanti hubannu afaan hawaasa keessatti gahee inni taphatuufi faayidaa hangaam qaba?Rakkooleen hawaasaa afaan irratti dhiibbaa fidan maali? Gaaffiiwwan jedhaniif kan biroo kan deebisu xinqooqa hawaasaa /socio linguistics/dha. Xinqooqa hawaasaa ilaalchisee

yaadotni kun kan ka'an yoo tahu, moggaasni maali gaaffii jedhu deebisuuf ammaa yaada hayyoonni tokko tokko kennan bu'uura hiika isaa kan ilaalludha.Abdulsamad (1994, f.51) maalummaa moggaasaa yoo ibsu "jechoonni namaaf, mukaf, baakkeewwaniif, meeshaaf, gochaaf, yookaan yaadaaf moggaafaman moggaasa jedhama," jedhee hiika.Akka yaada kanaatti moggaasni waantoota lubbuu qabaniifi hinqabne ittiin waamamu ta'uu isaati. Kana jechuun warreen lubbuu qabnis ta'e hinqabne moggaasni kennameefii dhunfaa dhuunfaa isaaniitti kan ittin waamaman ta'uudha.Moggaasni waan tokkoo maqaa lafaas ta'ee maqaa namaas yookaan immoo uumama biroos yoo ta'e waan moggaafamuuf akkasumas, hiika mataa isaa kan qabudha. Moggaasni wanta kamiifuu  kanmoggaafamuufi hiika mataa isaa akka qabu ta'uu ibsa.kana jechuun wantoota kamiifuu moggaasni mogga'u wanta saniif hiika mataa mataa isaa akka qabaatu addeessa.

Walumaagalatti, hiikaawwan armaan olitti keennaman maalummaa moggaasaa ibsan,haala adda addaaatiin haahiikan malee yaadni isaanii walfakkaata. Durii kaasee moggaasni waan adda addaa ibsuuf kan moggaafamu ta'uu isaas ilaallee jirra. Kan moggaafamus maqaa namaa, bineensotaa, biqilootaa, gosaafi kan kana kan fakkaatan yoo ta'u, isaan kanaan maqaan bakkeewwaniis kan moggaafamu ta'uu fuuldura bal'inaan kan ilaallu ta'a.

## 2.3 Hiikaafi Seenaa Moggaasa Bakkeewwanii

Moggaasa maqaa bakkeewwanii (toponym) maqaa bakkaa yookaan qaama ji'oograafawaa kamiyyuu ibsuufkan  bakka buufameedha. Akaakuwwan moggasa maqaa iddoowwani keessaa kan akka qaama bishaanii (hydronym)fi moggaasa maqaa gaarreeniifi tulluwwanii (orrnonym) maqaa dhawuun nidanda'ama.Maqaan nama waa'ee moggaasa iddoowwanii qo'atu immoo tooppaanimisti (toponymist) jedhamuun beekama.

Akka Galmee Jeechoota Ingiliffaa Oksifoorditti jechi moggaasa maqaa bakkaa jedhu kan yeroo jalqabaatiif Afaan Ingiliiffa keessatti mul'ate bara 1876itti. Tooppaanimistoonni (qo'attoonnii) moggaasa maqaa bakkeewwanii kan yeroo jalqabaa seenessitootaafi leessitoota warren moggaasa maqaa bakkaa seenessaa turaniif walaloowwaniin kan ibsaa turaniidha. Yeroo sanitti adeemsi fookloorii as dhufaatii jecha kanaa hiika moggaasa maqaa bakka tokko caasaafi sagaleewwan jechi sun irraa uumame xiinxaluudhaan. Maqaawwan bakka ji'oogiraafikaalawwaa laachuuf barbaachisaadha.Tooppaanimistoonni yookaan qorattoonni moggaasa maqaa bakka

seerootaaf adeemsa moggaasa maqaa bakkaa ittin ibsan mootummoota gamtoomaniitti garee ogeeyyii maqaa ji'oogiraafawaa wajjin waliigaluundhaan hundeessanii akka moggaasni maqaa bakkeewwanii dhaabbatummaa (consistency)fi sirrummaa (accuracy) akka qabaatu taasisanii jiru.Tooppaanimistoonni seenaa waan naannoo (histories) qofa irratti osoo hinta'iin afgaaffiiwwan jiraattoota naannoo sanaa wajjin taasisan irrattis kan hundaa'anidha. (madda: https://en.m.wikipedia.org

## 2.4 Faayidaa  Moggaasaa maqaa

Moggaasniifi hawaasni walitti dhufeenya cimaa waan qabaniif adda baasanii ilaaluun hindanda'amu. Moggaasni bakkeewwaniillee kan hiika argatu hawaasa irraa waan ta'eef, ilmi namaa yaada kana hubachuun iddoowwan moggaasuun faayidaa guddaa akka qabu beeka. Moggaasni iddoowwaniif kennamu kun immoo seenaa aadaa, jiruufi jereenyaa wantoota biroo hawaasa sanii ibsuu danda'a.Moggaasni jiruufi jireenya hawaasaa keessatti faayidaan inni qabu hammana hin jedhamu.Ilmi namaa moggaasa malee waliigaluu, waliin hojjachuu, waan hojjatee argateef moggaasa kenna.Moggaasnis waliigaltee uumuu keessatti bakka olaanaa qaba.

Moggaasni maqaa iddoowwaniif kennamu faayidaa qaba. Kallattiidhaanis ta'ee, alkallattiidhaan meeshaa aadaan, duudhaan, barsiifanniifi eenyummaan saba tokkoo kan ittiin ibsamuudha. Wanti moggaafamu kunis immoo waan lubbuu waan qabuufi lubbuu hinqabne ta'ee kan ilmi namaa itti tajaajilamudha. Waan tokko moggaasuu dhabuun wanti sun akka hinjirretti yaaduudha.

Yaada kana smith  (1967:218) ''In both ancient Hebrew and Babylonian thought nothing could exist unless it had a name to be and to have a name was the same thing to eliminate the name is to terminate completeh, the existence of the bearer in the world and next''jedha. Akka ibsa yaada kana irraa hubannutti moggaasni murteessaa ta'uu isaatiifi beekamtiin waan tokkoo kan ittiin ibsamu ta'uu isaati.

Karaa biraatiin moggaasni waan tokkoof kennamu maqaa kanata'a jedhamee hawaasni murteen irratti waliigalee kan moggaasu osoo hintaane haalli yeroo san jiru irratti hundaa'uudhaan moggaafama.Haalli adda addaa uumamu immoo moggaasaaf gahee guddaa qaba. Maqaa walirraa fudhachuun namni nama irraa qofa kan fudhatu osoo hinta'in, bakki nama irraa, beeyladoota irraa, akkasumas iddoowwan mukara irraa walirraa fudhatu.

Yaada kana Stewart (1967, f. 62) akkas jechuun ibsa.``Places that were frequented by wild animals some of them extinct and by birds, insects and fishes were sometimes named from them" jedha.Yaada armaan olii irraa akka hubanuttibakkeewwan moggaasa isaanii kan argachuu danda'an bineensota, ilbiisota, sinbirroota, qurxummiileefi kkf irraa yeroo tokko tokko argachuu akka danda'anidha.Kunis qabeenya uumamaa hawaasni sun qabu, haalli qilleensaa naannoo sanii maal akka fakkaatuufi naannoon sun turizimiifi majataa ta'uu mul'isa.

Walumaagalatti, moggaasni hawaasa tokkoof faayidaa heddu qaba.Waan tokko waan biraa irraa adda baasuuf seenaa, aadaa duudhaafi kan kana fakkata hawaasaa barreeffama caala ibsuufi eenyummaa saba tokkoo ibsuu keessaatti gaheen inni qabu olaanaadha.Kana malees moggaasni jiraachuu waan tokkoo kan agarsiisuudha. Moggaasni qabeenya uumamaa hawaasni qabuufi latii hidda dhalootaa beekuuf fayyaduu kan fayyadu ta'uu hubanna .

## 2.5 Walitti Dhufeenya Moggaasaafi Hawaasaa

Namni nama wajjin hawaani hawaasa wajjin walii galuudhaaf moggaasa afaan walii galtee sanaa beekuun dirqama.Bakka hawaasni tokko moggaasa hiika jechoota afaan dubbatamu san hin beeknetti waliigaluun hin danda'mu. Hawaasni moggaasa afaan ittin waliigalamu beeku immoo seenaa, aadaa, duudhaa, sirna adda addaa hawaasa sana beekuuf gahee guddaa qaba. Fakkeenyaaf bakki yookaan iddoon maqaa namaa, mukaa, biqiloota, bineessota, kan birootiin nimoggaafaman.Kun immoo moggaasa kana irraa ka'uun seenaa beekuuf gargaara.Duphaan maqaa bakkaa Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Daarimuu keessatti argamudha.

Maqaan kun maalif yookaan akkamitti akka moggaafame beekuuf, seenaa keessatti miidhaa sirna darbee Saba Oromoo irra gahaa ture maal akka ta'eef waan saba kana irratti dalagamaa ture maalfaa akka ta'an beekuun ni danda'ama.Sirna tokko keessatti waan raawwatameef bu'aaf miidhaa sirni tokko qabu madaaluu danda'a. Meeshaalee aadaa, nyaata, aadaa uffannaa, gaddaafi gammachuu hawwaasni sun qabus achi irraa beekuun ni danda'ama.

Kan biraa immoo, amantaan sabni sun hordofu maal akka ta'e as keessatti xinxaluun biraa gahuu ni danda'ma.Maqaan iddoowwanii, daandiilee, mana barumsaa, dhaabbilee garagraa, namaa moggaasuun jiruufi jireenyi hawaasaa yookaan saba sanii maali irratti akka hundaa'e maal akka fakkaatu moggasa irraa beekuun deebii quubsaa argachuu ni danda'ama. Moggasni kamiyyu hawaasa keessatti moggaafamu sababa moggaafamuuf qaba.Moggaasa maqaa namaa yoo

fudhanne kan maatiin maqaa daa'ima isaatiif moggaasu waan tokko irratti hundaa'eeti. Kunis gammchuu, gadda, hawwii, fedhii jaalala, jiruufi jireenya isaa, amantaa, iddoo irra qubateen, sirna daa'imni yeroo dhalatu jiruufi kan biraatiin maqaa moggaasa. Maqaaleen namaa kan armaan olitti ibsaman wajjin walqatanii moggaafamanis kan akka Galataa, Hawwaa,Indaalkaachoo, Jaalataa, Odaa, Mudasir, Oromiyaa, Gadaa, Abbaa maccaafaa maqaallee hawaasni jiruufi jireenya isaa wajjin wal qabsiisuun moggasu ta'uu agarsiisa.Kunis waltti dhufeenya hawaasniifi mggaasni qabu mul'isa.Moggaasaaf afaan beekuun murteessaadha.

Hawaasni afaanitti fayyadamuun waan keessa isaa jiru moggaasaan ibsa.Kun immoo hawaasniif moggaasni gargar bahuu akka hin dandeenye caalatti ibsa.Moggaasni walitti dhufeenya hawaasaalee cimsuu danda'a.Hawaasa keessatti namoonni afaan adda addaa dubbatan jiraachuu danda'u.Hariiroo yookan walii galtee gaarii hawaasa biraa wajjin qaban irraa ka'uun daa'imman isaanilee maqaa nama jaalataniin afaan saboonni adda addaa dubbataniin yeroo moggaasan mul'ata.Kunillee kan agarsiisu walitti dhufeenya moggaasaafi hawaasa jidduu jiraachuu isaati.

Walumaagalatti, yaada armaan olii irraa moggaasniifi hawaasni karaa adda addaatiin walitti dhufeenya qabaachuu isaanii fakkeenya kenname irraa hubachuun ni danda'ama. Kanaafuu hawaasni moggaasa malee moggaasnis hawaasa malee jiraachuu hin danda'an.Sababa kana irraa kan ka'en walitti dhufeenyi cimaan hawaasaaf moggaasa jiddutti mul'ata.

## 2.6 Bu'uura Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii

Hawaasni tokko bakkeewwaniif yeroo maqaa moggaasu wantoota bu'ura godhatee moggaasu niqaba. Isaanis: maqaa (sanyii) namaa, wantoota naannoo sanatti baay'innan argaman, haala qilleensaafi teessuma lafaafi taatee adda addaa fa'i.

### 2.6.1 Maqaalee Bakkeewanii Maqaa/ Sanyii Namaa Bu'uura Godhachuun Moggaafaman

Maqaaleen bakkewwanii tokko tokko maqaa/ sanyii namaa bu'uura godhachuudhaan moggaafamu kan ilaalchisee, Powell (1990, f. 24) yoo ibsu, "Many place names are derived from personal names…," jechuun kaa'a.Yaada kanarraa akka hubatamutti maqaan bakkeewwan baay'ee maqaa namaarraa akka moggaafame nu hubachisa.Akka Aanaa Daarimuutti bakkeewwan bifa kanaan argaman akka Fakkeenyaatti yoo fudhanne kanneen akka :saammalloo,abuunaa,haadha maarinoo, bachoofi kkf maqaa dhahuun ni danda'ama.

### 2.6.2 Maqaalee Bakkeewwanii Haala Qillensaa, Tessuma lafaafi Wantoota Naannoo Sanatti Baay'inaan Argamanii Bu'uura Godhachuun Moggaafaman

Moggaasni maqaa bakkeewwanii gama biraan wantoota naannoo sanatti baay'inaan argaman, haala qilleensafi teessuma lafaa irratti hundaa'un moggaafamu. Kana ilaalchisee Eugene (1997, f . 2) yoo ibsu, "Each place name has an image that portrays the physical and environmental charactorstics of the place*,"* jedha.Yaada kanarraa akkuma hubatamutti maqaan bakka tokkoo yeroo moggaafamu wanta bakka sana jiru nutti mul'isu akka qabu agarsiisa.Kanaafuu, moggasni kun bakka sanatti baay'inaan wanta argaman, haala teessuma lafaafi qilleensa agarsiisuu danda'a jechuu ta'a.Fakkenyaaf: Diilallaa, Qooraa, Baddaa, Baddadareefi kan kana fakkaatan nicaqafamu.

### 2.6.3 Maqaalee Bakkeewwanii Taatewwan Bu'uura Godhachuun Moggaafaman

Bu'uurri moggaasa maqaa bakkeewwanii inni biroo immoo taateewwan yookaan mudannoo gara garaafi gochaalee adda addaa yeroo ta'e raawwate yaadachuuf ta'uu danda'a.Kana ilaalchisee, Elias (2004, f. 47) yoo ibsu, "Some names commemorate natural, political, social or cultural events…," jedha.Yaada kanaa olii kana kan deeggaru, Stewart (1967, f. 65) yoo ibsu, "Names are not consciously planned like the origin and charactorstics of language. It depends on some conditions during or before it has given to a fellow or a thing," jedha.

Yaadota armaan olii kanneen irraa akkuma hubatamutti moggaasni maqaa kun taatee yookaan gochaalee haala yeroo moggaasuu yookaan sana duraa bu'uureeffachuun akka kennamu nama agarsiisa.Kanaafuu taateen bakka tokkotti ta'u maqaa bakka sanii bu'uura godhatanii moggaasuun kan danda'amudha.Fakkeenyaaf, Beenaa, dachannaafaa eeruun nidanda'ama.

### 2.6.4 Dhiibbaa Sirnoonni Siyaasaa Darban Moggaasa Maqaa Bakkewwaniirratti Geessisan

Siyaasni biyya tokko keessatti afaan tokko guddisuu keessattis ta'ee xiqqeessuu/ajjeessuu keessatti ga'ee guddaa guddaa kan qabudha. Kana kan ibsu, Alamaayyoofi kaawwan (2004: XX) wabeeffachuun''Uummanni Oromoos jiraataa biyya kanaa osoo hintaane biyya kanaaf keessummaa akka ta'eefi akka lammii lammaffaatti akka ilaalamu godhameera.Afaan Oromoos akka hinguddanneefi hindagaagne taasifamaa tureera.Kana malees, Oromoon Oromummaa saa akka jibbuufi tuffatamaa akka ta'e aadaa, seenaafi afaan saatti akka saalfatu

godhameera,”jedhu.Kanaaf wanti tokko kan moggafamu bu’uurri jalqabaa afaan waan ta’eef dhiibbaan gama kanaanillee qaqqabuu akka danda’udha.

Bu’uuruma kanaan mogaasni maqaa bakkeewwanii saba tokkoo yoo sabni sun gabroomfame miidhaan moggaasa maqaa bakkeewwaniirra gahuu ni danda’a.Kunis sabni sun aadaafi seenaa isaa akka dagatu, jibbuufi kan warra isa gabroomsee akka dhaalamu godha.Kana ilaalchisuun, Elias (2004, f.62) yoo ibsu, “During the colonial era, African … received western names along side their ethnic name,”jedha. Akka yaada kanaatti moggasni maqaa yeroo Afarikaan koloneeffatamee ture hawaasni Afarikaa maqaa qomoosaanin cinaatti maqaa warra Awurooppaa (warra dhihaa) moggaafataa akka turan yaada jedhu kan ibsudha.Kunis maqaan tokko haala siyaasan dhiibbaa cimaan akka airra gahuufi kan biroon dhaalamuun akka jiru nuhubachiisa.Sababa kanarraan kan ka’e uummanni Oromoo dhiibbaa sirna Nafxanyaafi kanneen darban biroon aadaafi duudhaa moggaasa maqaa irratti dhiibbaan gama kanaan qaqqabaa kan tureefi maqaan dur ittiin jirullee jijjiruun akka isaan of dagatan gochaa tureera.

## 2.9 Yaaxina Qorannichaa

Fakkoommiin adeemsa hawaasni aadaa tokko qabu sirna aadaafi duudhaa isaa keessatti mallattoo yookiin bakka bu’iinsa yaadaa waan tokko kan ittiin ibsuudha.

Fakkoommii hawaasa adda addaa keessatti hiikaa adda addaa qabaachuu danda'a.Adeemsi hawaasni garagaraa fakkoommii tokkoof hiikaa adda ta’e kennuun waanbadaa gaaritti fudhachuun sirna mallattoo yaada wanticha ibsuun bakka bu’a.kanuma ilaalchisuudhaan Katz (1972) yoo ibsu.

> Symbolism were a form of meaning that only differed from linguistic meaning by the type of signals it used and if the set of symbol (of a given culture) constituted a language one should be able systematically to substitute certain simple or complex symbol for most symbol in most contexts as one can in language replace most words by a definitionjedha.

Akka yaada hayyuu kanarraa waanti hubatamu fakkoommiin unka hiikaa xinqooqarraa adda ta’e sirna mallattootiin kan taa’u; Mallattoon bakka bu’u ammoo tooftaadhaan walitti fiduu yaada afaaniin kan bakka bu’u fakkaattiin ibsuudha.Kun immoo kan wantoota badaa nama

quunname akka oodaatti fudhachuun gara gaariitti fakkeeffama.Kanumatti dabaluun Turner (1969) hiikaa fakkoommii yoo kenna hubannoo godhamu qaba sadarkaa saditti qoodee fakkoommii bifa amantitiin hiikaman (exegetical meaning ), Hiikaa fakkoommii sadarkaa irraa jiraniin taa'u (positional meaning) Fakkoommii bakka bu'aa jechuun sadarkaa fakkoommiin aadaa hawaasaa sana keessatti gaheen inni qabu haala kanaan lafa kaa'a.

Kanumarraa ka'uun hayyuun kun(1969:11-13), yaada dabalataa haala kanaan lafa kaa'a. "Exegetical meaning has three bases nominal base that derives from associations with the name of the symbol; a substantial base that derives from natural and material properties of objects used as symbols; finally an artifactual base in the case of made symbols" jedha.Kanarraa wanti hubannu fakkoommiin sadarkaa amantiifi aadaan hawaasni keessa jiraatu meeshaalee fi wantoota meeshaaleen sun bakka bu'an walqabsiisun hiikaan isaan wantoota sanaaf laataniifi wantoota meeshaaleen sun irraa dhufan sababeeffachuun ibsan dhugummaa hawaasa sanaa calaqqee waan yaadaniitin walfakkeessu,Bakka bu'ee dhaan maqaan wanta bakka bu'ee sun fakkoommii sanaa walitti firoomsuu,Yaada uumamaan, amala meeshaa bakka bu'ee sanaa ibsuu danda'uu akka fakkoommiitti ilaaluufi wantoota sababii duudhaa hawaasaa uumamee adeemsa jiruuf jireenyaa keessatti wanti itti fakkeeffaman jiru jechuun lafa kaa'a.

Fakkoommiin yaada cimdii ta'e qabatee taa'a.Mallattoo fi ibsa isaa qabatee dhiyaata. Yaada kana Turner (1967) yoo ibsu "symbols selects certain pairs (symbol, interpretation) among the set defined in the very structure of symbolism." jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, fakkoommiin wanta cimdii qabatee kan dhiyaate ta'ee caasaa fakkoommichaatiif hiika kenna. Kun ammoo mallattoo kanaaf uffanni aadaafi wantoonni hawaasni sirna fuudhaafi heerumaa kana keessatti raawwataman safuufi hiikaa mataa isaanii danda'e waan qabaniif akkuma akaakuun isaanii addaa adda ta'e fakkoommiin isaaniis addaa adda.Kanuma ilaalchisee Oring (1986, f. 38) yoo ibsitu "while food ways may serve as powerful identity symbols for those within the group" jetti.

### 2.9.1 Fakkoomii Gochaan Argaman

Fakkoommii gochaan argaman kan jennu jiruuf jireenya hawaasa tokkoo keessatti hiikaa yaadaa kan gochaan mul'atu ta'anii akkaataa dhugeeffannoo namootaa kan agarsiisudha. Kunis biqiltuu

tokko maqaa namaatiin dhaabuun guddachuufi guddachuu dhabuun isaa hiikaa garagaraa itti kennamuudha.Fakkoommiinkun barsiifata haawaasichaa bu'uura godhachuun dhiyaata.

Yaada kana Mortan (1975) yoo ibsu "In Dorze, that when young man marries his father builds him a hut against the fense of his compound and plants infront of it a shrub called oloma oloma is a sign of firtelity."jedha.Akka yaada hayyuu kun ibsetti, aadaa saba kanaa keessatti ilmi dhiiraa tokko yoo fuudhaaf gahe osoo hin fuudhin dura gochaan raawwatamuu qaban ni jira. Gochawwan raawwataman keessaa inni duraa abbaan ilma isaatii goojjoo ijaaruufiidhaan dallaa isaa fuulduratti biqiloota xixiqqoo dhaabaaf.Maqaa isaa olomaa jedhama.Kun ammooo hawwii hormaataa ta'uu isaa ibsa. Kanaaf fakkoommiin kun waan hawaasa keessatti haala aadaa hawaasichaatiin sadarkaa gochaatti raawwatamuudha.

### 2.9.2. Fakkoommii Mallattoon Argaman

Wanti tokko bakka bu'aa qaba.Kana jechuun waan bakka bu'eef sanaan ala waan birraatti fakkeeffamuuf hariiroo waan itti fakkeeffamuu qabaachuun dirqama. Wanti mallattoon taa"u kun ragaaafii dhugeeffannoo qabatamaa waliin kan kaa'amuudha. Yaada kana ilaalchisee Levi-Stravss (1966, f. 64) Yoo ibsu "Corcerning symbolic relationships, that they may based on contiguity or on resembalance they may be isensible or intelligible near or far synchronic or diachronic static or dynamic" jedha. Kanaaf, hariiroon fakkoommii kan bu'uureffatu idileen bakka bu'uu fakkoommichaa madaaluu danda'uu, miira fakkoommichaa kan qabu ta'uu al qabatamaa ta'uu danda'a, Walitti dhufeenya qabaachuufi dhaabbataa ykn jijjiiramaa ta'uudhaan yaadicha kan bakka bu'u jechuudha.

Kanaaf, fakkoommii mallattoo yaada dhiyaate sana guutumaan guututti dhugeeffannoo jiru wajjin walitti dhiyaachuu qaba. Fakkoommiin Sirna mallattoo kun ammooo aadaafi amantaawwan addaa addaa keessatti baayinaan mul'ata. Fakkeenyaf amantaa Kiristaanaa keessatti fannoon fakkoommii Sirna mallattoo keessaa isa tokkoodha.Akka leviStrauss (1966, f. 70), ibsutti ''The cross is the symbol of the Christian religion because Christ died on the cross. By generalizing the motivation, one might make the cross the symbol of crime, because so many criminals also died on it" jedha. Akka yaada armaan olii kanaatti Fakkoommiin mallattoo dhiyaatu sana waliin hariiroo qabaachuufi dhugeefannoo qabaachuu qaba. Kanaa akka amantii kanaatti fannoon mallattoo amantii kiristaanaa ta'uu fi sababiin isaas, Yesuus Kiristoos

fannoorratti fannifamee du’uu isaa agarsiisa.Akka yaada biraatti ammoo yoo ilaallu; fannoo fakkoommii yakkaa ta’uu isaa agarsiisa.Sababiin isaas, yakkamtoonni hedduun waan fannoo irratti du’aniif jedhuun yaadichi fakkoommii kanaaf fakkoommiin tokko waan itti fakkeeffameef sababii waliin ragaa guutuu dhiyeessa.

Sirna fakkoommii kana keessatti yaadni cimdiin jiru mallattoon tokko hiikaa qabaachuu qaba.Uummata Oromoo biratti odaan safuufi kabaja adda ta'e qaba.Kun ammoo fakkoommii uummanni Oromoo odaa dhugeeffannoo waliin ibsatuudha.Akka Dirribiifi hayyonni tokko tokko ibsanitti, Odaan galma Oromoo kan Oromoon dur yeroo sirna gadaan bulaa ture gaaddisa isaa jala taa'uun nama wallole araarsuun fi jalatti caffee tumuun itti garagaaramaa tureedha.

Karaa biraatiin immoo yeroo durii namni Odaa kana jala taa'ee rabbi kadhate waan kadhate sana akka argatu ni dubbatu.Kanaaf, Odaan galma waltajjii Oromootaa ta’uu isaa hubanna.Dabalataan ammooo fakkoommii isaa yoo ilaallu; hidda latiinsa uummatichaatti fakkeeffama.Hundee mukichaa (jirmi) odaa lama osoo hin taane akka uumatichi beekutti tokkichature.Kun ammoo uummata Oromoo tokko ta’uu isaatti fakkooma.Damee isaa hedduun ammoo, hidda latiinsa uummatichaatti fakkooma. Kanaaf fakkoommiin kun akka uumatni kun amanutti Oromoon tokko ta'uu ibsa. Kanaaf mukti odaa Oromootti fakkeeffama.

### 2.9.3 Fakkoommiifi Beekumsa

Fakkoommiifi beekumsa jechuun; fakkoommii tokko keessatti waan wal make taa’e tokko amalaafi ibsa isaa sirna mallattoo tokko keessatti beekuudha. Fakkoommiin beekumsaa kun ammoo dhimma seeraafi duudhaa adda baasanii beekuudha. Akka Leach (1966:97,)ibsutti symbolic knowledge resembles encyclopedic knowledge” jedha. Kanarra wanti hubatamu beekumsi fakkoommii beekumsa walii galaati. Yaada kana deeggaruuf) yoo ibsu

> Only miscreant would reproach Matthew for not saying this immediately. Chritian knows that there is a good reason why he does not even if he himself does not know it (14) it is taboo is kill a snake pose no problem if taboo is simply taken as asocial rule. Encyclopedic knowledge is not only about brute facts, but also about institutional facts. Leach (1966, f. 97).

Akka yaada kanarraa hubachuun dandaamutti; maatiwoos! Akka amantaa kistaanatti dhimma beekumsa kallattii lamaanii osoo hin hubatin battaluma yaada dogoggoraa lafa kaa'ee, kiristaanni dhimma inni lafa kaa'e keessa fakkeenyi gaariin akka jiru ni beeku.

Kana keessatti bofa ajjeessuun safuudha, hamaadha garuu safuun akkasumatti seera hawaasaa keessa yoo fudhatame rakkoo hin qabu. Beekumsi waliigalaa kun garuu, dhugummaa amantaa qofa kan qabatu osoo hin taane dhugummaa waan hawaasa keessa jiru ni ibsa. Kun ammooo, fakkoommii beekumsaa ta'uu isaa agarsiisa. Qorannoo kanaaf sababni yaaxinni kun filatameef moggaasni tokko kan moggaafamu waan tokko itti faakkeessuun waan ta'eef, yaaxinni qorannoo kana waliin kan deemudha.

## 2.10 Barruu Walfakkii

Mataduree qorannoo kanaatiin kan walitti dhiyeenya qaban qorannoowwan digrii lammaffaa kan kanaan dura hojjataman dhiyaatanii jiru.

Shifarraaw (2008) Xinxala Sirna Moggaasa Maqaa Oromoo Gujii mata duree jedhuun qorannoo dhiyaate yoo ta'u, moggaasni maqaa saba oromoo Gujii keessati jiru beektotaan qoratamee ragaan qabatamaan dhabamuun rakkoo waan ta'eef, barreeffamaan dhalootaaf dabarsuun barbaachisaa ta'uu isaa ka'umsa qorannoo keessatti ibsee jira. Sirna moggaasa maqaa Oromoo Gujii xiinxaluun maqaalee duudhaa hawaasichaatiin moggaafaman barreeffamaan dhalootaaf kaa'uun kaayyoo qorannoo kanaa akka ta'e kaa'ee jira.

Kana malees sirna moggaasa maqaa Oromoo Gujii qoratamuun isaa haala walitti dhufeenyaa hawaasummaa, diinagdee, ilaachaafi kan kana fakkaatan qaama beekuu barbaaduuf akka madda ragaatti tajaajilu isaa faayidaa qorannichaa keessatti ibsee jira. Argannoo qorannichaa keessatti immoo moggaasa maqaa Oromoo Gujii keessatti maqaa dhalootaafi maq-baasa qooda fudhannaa bulchiinsa sirna gadaa jedhamuun kan beekamu ta'uu adda baasee jira. Kana malees maqaa dhalootaa adda durummaankan moggaasu abbaa ijoollee ta'ee dabree dabree firootaasnis kan moggaasan ta'uufi bu'uura moggaasa kanaatis ibsee jira.

Seefuu (2009) mata duree "Xiinxala Moggaasa Maqaa Daa'immaniifi Bakkeewwanii Walisoo" jedhuun qorannoo dhiyaate yoo ta'u, Seeyifuun moggaasni iddoowwaniifi daa'immanii waan buu'ura godhatee itti moggaafamu akkasumas aadaa, seenaa, duudhaa, barsiifata hawaasaa kan

ibsu waan ta’eef, dhaloota barsiisuun barbaachisaa akka ta’e kaayyoo qorannoo keessatti kaa’ee jira. Kana malees, qooda fudhattoonni moggaasa maqaa daa’immanii kan adda bahanii beekaman yoo ta’an, kan iddoowwanii immoo akka kanatti kophaatti adda baasuudhaaf rakkisaa akka ta’e kaayee jira. Dabalataan, argannoo isaa keessatti moggaasni maqaa daa’immanii adeemsa mataa isaa kan itti raawwatamu qabaachuu adda baasee jira. Fiqirtee Asaffaa(2009) Xiinxala moggaasa maqaa bakkeewwanii Aanaa Zuwaay Dugdaa Ergaafi Bu’uura isaatiin. Qoratichi, waraqaalee barruu firoominaa kanneen olitti eeraman sakatta’eera.

Waraqaaleen eeraman kunneen mataduree qorannoo kanaa waliin haga tokko firoomina qabu jechuudha malee, guutummaatti walfakkaatu jechuu akka hintaane hubachuun barbaachisaadha.Kanaafis ragaan, dookumantiileen sakatta’aman, Godinniifi Aanaan qorannichi irratti gaggeeffamus akkasumas, ka’umsiifi kaayyoon qorannichaa warreen olitti eeraman irraa addaddummaa niqabaata.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti kanneen ibsaman qorannoo kana geggeessuf mala qorataan fayyadamdha. Isaanis kanneen akka saxaxa qorannichaa, malleen qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, madda odeeffannoo, iddattoofi mala iddatteessuu, tooftaalee odeeffannoon ittiin funaannaman, qindeeffamaafi malleen qaaccessa ragaa kan ofkeessatti hammatudha**.**

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxa ilaalchisee, victor (2009, f. 203) akkas jechuun ibsa, "The research desings is plan of action that allows the researcher to know/to paraphrase/where they came from where they are going" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu adeemsi saxaxa qorannoo karoora hojii kan qoratan beekuu qabu, eessaa akka inni ka'e, eessarra akka jiruufi eessa akka inni gahu kan murteessudha. Akkasumas, Addunyaan (2011, f. 64) irratti "qorannoo tokko kan murteessu, gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuuwwan odeeffannoo argannuuti," jechuun ibsa. Kanaaf qorannoo kana gaggeessuuf saxaxni ibsaa hojiirra kan ooledha. Akkasumas ragaa namootarraa argameykn funaaname jechaan ibsi itti kennameera.kana malees tooftaalee odeeffannoo funaansaaf itti fayyadame: marii gareefi afgaaffii yoo ta'an odeeffannoo argaman akka barbaachisummaa isaaniitti erga qoodamanii jechaan qaacceffamanii jiru.

## 3.2 Akaakuu Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuuf malli qorannoo hojiirra oole mala qorannoo akkamtaa/qulqulleeffata ati.Sababni isaas malleen funaansa ragaa qorannoo kana keessatti dhimma itti bahame qorannoo akkamtaa irraatti hundaa'ee waan hojiirra ooleef, odeeffannoon funaaname lakkoofsaan osoo hin taane jecha qofaan ibsi itti kennamee waan xiinxalameefidha.

Bu'uuruma kanaan, odeeffannoo gadi fagoofi ibsa bal'aa qabu haala qabatamaa hawaasa irraa mul'atuun walitti qabuuf mala akkamtaa gargaaramuu ilaalchisee: Dastaa (2002,f.20) "Qorannoon mala kanaan, yookiin akkamtaan gaggeeffamu odeeffanno argate mala addeessatiin yookaan mala ibsaatiin dhiheessa." jedha. Kanaaf qorannoo kana keessatti qorannoo akkamtaa filachuun dhimma itti bahuun kan barbaachisaa ta'eera. Gama birootiin, qorannoo kana keessatti odeeffannoon argamu gadi fageenyaan ragaan deegaramee kan xiinxalame waan ta'eefidha.

Addunyaa (2011, f. 12) yaada kana yoo cimsu," qorannoo kana (akkamtaa) gaaffiwwan akkam? Maalif? jedhan kaasuun gadi fageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati"jedha.Yaada kanarraa malli kun gadifageenyaan xiinxaluurrattti humna qabaachuu, gama amanuufi hubannoo bal'isuufis haala kan mijeessu ta'uu hubanna. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaa xiinxala moggaasa maqaa bakkeewwanii irratti waan ta'eef, qoratichi mala kanatti dhimma kan bahedha.

## 3.3 Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun naannoo Oromiyaa, Godina Iluu Abbaa Boor keessatti Aanaalee Godinichi qabu 14 (kudha afur) keeessaa Aanaa tokko innis Aanaa Daarimuu qofa irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoo tokko irraawwatama qabaachuu qaba.Yaada kana Addunyaa (2011, f.64) yoo ibsu "qorannoon irraawwatama namootaafi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu waan ilaallatuuf, kan irratti raawwatame gaalee jedhu irraa adeemsa suphuutiin kan uumame" jechuu akka ta'e haala qorannoon irraawwatamaa irratti xiyyeeffatu lafa kaa'a. Kanaafuu, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii irrattidha.

## 3.4. Madda Odeeffannoo Qorannichaa

Madda odeeffannoo qorannoo tokkoo ilaalchisee Dastaa (2013, f.44) irratti "maddi odeeffannoo qorannoo tokkoo iddoo lammatti yeroo qoodamu.Isaanis madda ragaa duraafi madda raga lammmaffaati"jedha. Haaluma kanaanis maddi odeeffannoo qorataan kun itti gargaarame madda tokkoffaafi lammaffaadha.Sababiin isaa, maddi odeeffannoo tokkoffaan odeeffannoo qorannichaa Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii irratti namoota dhimma kanarratti muuxannoofi beekumsa qaban: manguddoota, haadholii kanneen dhimmicha beekan irratti naannoo qorannichaatti moggaasa maqaa bakkeewwanii irratti beekumsaafi muuxannoo qaban irratti hundaa'uun bifoota afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataan odeeffannoo argamudha. Qorannoon tokko adeemsifamuufis ragaan quubsaa ta'e kan argamu madda ragaa tokkoffaatiinidha. Isaa odeeffannoo qorannoo sanaaf ta'u namoota beekan kallatumaan dubbisuudhaan kan argamedha. Akkasumas, immoo waajjira Aadaafi Tuurizimii Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Daarimuu keessa jiran keessaa qaama dhimmi kun ilaallatu dubbisuudhan kan argamedha. Keessumattuu, waajjirri kun immoo dhimmichaaf odeeffannoo kennuu irratti madda ragaa lammaffaa ta'anii

akka madda ragaa tokkoffaatti tajaajiluu danda’eera. Dabalataanis Maddi odeeffannoo lammaffaan barruulee dhimma seenaa kanaan walqabatan sakatta’uun kan argamedha.

## 3.5 Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu mala iddattoo isaa murteessuun barbaachisaadha.Akkuma daangaa qorannichaa irratti ibsamuuf yaalametti kanneen qorannoon kun ilaallatu hundarraa odeeffannoo guuruun bu’aa qabeessummaa isaa daran akka cimsu beekamaadha. Haata’u malee, humna qorannoo kanaatii olta’a.Kunis yeroo, baajataafi meeshaalee barbaachisan gahaatti argachuu waan nama gaafatuuf bakkeewwan 45 iddottaaf kan filataman yoo ta’u bakkeewwan kunniinis maqaa gandoota Aanaa Daarimuu hunda irratti kan xiyyeffatedha. Kanaafuu,iddaattoo gargaaramuun barbaachisaadha.Gosa qorannoo qulqulleeffataa keessatti baay’inaan haalota gochootaa, yookaan dhimmoota ibsuurratti waan xiyyeeffatuuf dhimmi iddattoo xiyyeeffannaa guddaa akka  qabu kumar (2005:165) akkanatti ibsa. ‘‘In qualitative research the issue of sampling has little significance as the main aim of most qualitative inquires is aither to explore or describe the diversity in a situation, phenomenon,or issue”jedha.

Qoratichi qorannoo kana gaggeessuu keessatti iddattoon dhimma itti bahe gosa iddatteessuu keessaa miti-carraattikan gargaaramedha. Kun kan ta’eef, jamaa filataman keessaa iddattoo filachuuf carraan waan hin eeyyamamneefidha.Kana ilaalchisee kathari (2010, f.59) akkanatti ibsa, ‘‘probability sampling is that sampling procedure which does not afford bases for estimating the probability that each item in the population has of being included in the sample.*”*

Kanaafuu, gosa iddatteessuu miti-carraa keessatti, qoratichi ta’e jedhee carraadhaan ala ofiisaatii iddattoo kan filatu ta’uu hubanna. Dabalataan, iddatteessun miti-carraa yeroo baay’inni jamaa hin beekamne, yookaan tokko tokkoon addaan baasuufis rakkisaa kan fayyadamnu ta’uu: kumar (2005, f.177) akkanati dhiheessa,” Non probability sampling designs when the number of elements in population is either un known or cannot be individually identified,” jedha.

Kanumaan walqabatee, qoratichi gosa iddatteessuu miti-carraa kana keessaa ammo gosa tokko kan ta’e iddatteessuu akkaayyoo (purpassive sampling)tti kan dhimma bahedha. Sababni isaa, iddattoon filataman qabiyyee qorannichaafikaayyoo qorannichaa irratti waan hundaa’aniifidha.Akkaayyoo kan jedhamus, akka kaayyoo qorannichaatti yookaan qoratichaatti odeeffataa yookiin deebistoota filachuu waan ta’eefidha. Kanaafuu, qorannoo kanarratti qoratichi

gosa iddatteessuu keessaa mit-carraafi achi jalatti immoo iddatteessuu akkaayyootti dhimma baheera. Haaluma kanaan, milkaa'ina qorannoo kanaatiif odeeffannoon kan irraa funaaname, namoota waa'ee Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii kan Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Daarimuutti argamanbeekan irratti kan xiyyeeffatedha. Gamabirootiin, Odeeffannoo argamu cimsuuf waajjira Aadaafi Tuurizimii Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Daarimuu kana keessaa qaama dhimmichi ilaallatu namoota Aanichatti argaman keessaa namoota waa'ee Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii beekan keessaaa namoota lamaaf gaafannoon afaanii kan dhiyaatedha. Yaada kana Denscobe (2007, f.17) irratti "with snowballing, the sample emerges through a process of reference from one person to the next" jedha. Iddattoo iyyaafannoon adeeemsa duukaa bu'uun kan tokko irraa gara itti aanutti eerudha. Kunis muuxannoo namoonni seenaa moggaasa bakkeewwanii irratti qaban bu'uureffachuun iddatteessuun darbaa dabarsaafi iddateessuu akkaay yootti fayyadamuudhaan filataman.Iddatteessuu darbaa dabarsaan adeemsa walitti hidhatiinsa qabuun iddattoon filatamedha.

## 3.6. Meeshalee Funaansa Ragaalee

Bu'aa qorannoo tokkoof qorataan tooftaa odeeffannoo ittiin sassaabbatu adda baasee beekuu qaba.Adunyaa (2011) yoo ibsu, "Qorannoo mala akkamtaa gargaaramuun gaggeeffamu keessatti meeshaaleen ragaa funaannachuuf nu gargaaran daawwannaa, afgaaffii hincaaseffamne, maree garee xiyyeeeffannoofi xiinxala dookimentiidha"jedha.Kanuma bu'uura taasifachuun qorataanis madda odeeffannoo isaarratti hundaa'uudhaan meeshalee odeeffannoo ittiin funaannatu maree gareefi afgaaffiitti dhimma bahuun odeeffannoo qorannichaaf tahu funaannate.Yeroo kanattis, yaadannoo fudhachuu, suuraa kaafachuun odeeffannoo barbaachisu irraa sassaabbateera.

### 3.6.1. Afgaaffii

Afgaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu ta'ee kan qorattoonniifi odeeffannoo kennitootni fuulaaf fuulatti walarguun odeeffannoo barbaachisu qorataaf kennanidha. Akkasumas, malli kun namoota hinbaratiin yookiin barreeffama fayyadamuu hindandeenyeefi namoota baratan hirmaachisuuf gargaara. Odeeffannoon afgaaffiin funaanamu waanti gaarii isa taasisu qorataan afgaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf od-himaan gaafachuu danda'uu isaati. Dastaa (2013, f.111) irratti yaada kana yoo ibsu, ''Afgaaffiin gosoota odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'ee kan qorataafi od-himaan fuulleetti wal

arganii odeeffannoo walii kennanidha. Odeeffannoon afgaaffiiwaniin funaanamu waanti gaarii isa taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf od-himaan gaafachuu danda'uu isaati"jedha.

Bu'uuruma kanaan qorataan kunis jaarsolii biyyaa Aanaa sana keessatti argaman kan waa'ee moggasa maqaa bakkeewwanii irratti hubannoo qabu jedhamaniifi hojjettoota waajjira aadaafi tuurizimii Aanichaa Dh.10fi Dh.2 waliigalatti odeeffannoo kennitoota 12'ta'an irraa afgaaffiin odeeffannoo sassaabbateera. Qorataanis kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf jecha afgaaffii hin daangeffamne fayyadamuun odeeffannoo funaanuuf gargaarameera.Od-himtoota irraa odeeffannoo osoo hin funaaniin dura barbaachisummaafi kaayyoo qorannichaa irratti ibsi kennameera.Yeroo afgaaffii kana gaafatamanis qorataan suura kaafachuuniifi yaadannoo qabachuun odeeffannoo isaaf ta'u sassaabbateera.

### 3.6.2 Marii Garee

Qorannoo kana keessatti mariin garee kan barbaachiseef yommuu gaaffiin afaaniin adeemsifamu garaagarummaa yaadaa mul'ateef yaada furmaataa argachuuf ta'a.Yommuu tokko gaaffii gaafatame dagatame inni tokko yaadachuun dhumarratis gareen marii'achuun yaada dhugaa tokkorra nama geessisuu danda'a. Kanaaf, qoratichis yaada mariif ta'u dhiyyeessuudhaan akka isaan yaada irratti wal jijjiiran taasisuun odeeffannoo isaanii gara tokkotti fiduun gama kanaanis odeeffannoo kan funaannatedha. Kaayyoon isaa qorannoo kana qixa barbaadameen galmaan gahuuf odeeffannoo dabalataa qabatamaa ta'e ittiin kan argatedha.Odeeffannoo qabatamaa ta'e argachuuf ammoo, meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanaman garagaraatti dhimma bahuun barbaachisaa akka ta'e hayyoonni qorannoodhaan niibsu. Mariin garee odeeffannoo hawaasarraa funaanamuudhaaf faayidaa guddaa qaba. Haala mariin garee itti gaggeeffamuu ilaalchisee hayyuun tokko akkana jedha.

> Focus groups may be called discussion groups or group interviews. A number of people are asked to come together in agroup to discuss a certain issue.The discussion is led by a moderator or facilitator who introduces the topic, asked specific questions controls digression and stops break away conversation(Dowson, 2002, f. 29).

Kana jechuunis, marii garee keessatti namoonni hedduun walitti dhufuudhaan yaada tokko irratti akka marii'atan taasifamu jechuudha. Mariin garee nama marii sana mari'achiisu yookaan nama

akka isaan yaada adda addaa kannaniif isaan kakaasuun hogganama. Namni isaan marii'achisu kun mata duree irratti marii'atan beeksisuu, gaaffiwwan murtaawoo ta'an gaafachuun akka isaan mataduree sana keessaa hinbaane akkasumas, akka yaanni isaanii gargaar hincinne gochuudhaan marii sana marii'achiisamaniiru.Akka hayyuu kanatti, mariin garee faayidaa hedduu qaba.

Isaan keessaa walgahii tokko irratti odeeffannoo bal'aa ta'e tokko funaanuuf nu gargaara, odeeffannoo keennitoonni gaaffii adda addaa walgaafachuudhaan yaada bal'aafi dhugaa ta'e tokko kennuun akkasumas, waan irraanfatamee irra darbame tokko walyaadachisuudhaan odeeffannoo kennuuf fayyada.Haaluma kanaan, namoota dhimma moggaasa maqaa bakkeewwanii irratti muuxannoofi beekumsa qaban filadhee garee lama kan miseensota shan shan of keessaa qabu ijaaruudhaan afgaaffii gaafachuun waliin mari'ataanii akka deebisaan godhameera.

Qoratan kunis, yaada kana bu'uureeffachuun gaaffilee qorannoo isaatiif barbaachisaadha jedhu qopheeffatee namoota waa'ee moggaasa maqaa bakkeewwanii beekaan qopheeffachuun garee qooduun, namoota garee kanneen walitti fidee waliin mari'achisuun, namoota naannoo mariin taasifameee, namoota waa'ee moggaasa maqaa bakkeewwanii beekaanii walitti fiduun, gareewwan kunniin gaaffilee walfakkaatan kanneen isaaniif dhiyaataan irratti akka mari'atan affeeruun yaada isaan irratti mari'atanii waliigalan yaadannoo qabachuudhaan odeeffannoon kan funaanamedha. Odeeffannoo duraan afgaaffiidhaan namoota waa'ee moggaasa maqaa bakkeewwanii beekan irraa funaaname sana waliin walbira qabanii argannoon kun kan argamedha.

### 3.7. Mala Ragaan Ittiin Xiinxalamu

Malli ragaan ittiin qaacceeffamu tooftaa madda ragaan irraa funaanameef hiikni itti kennamuudha.Qorannoo akkamtaa keessatti odeeffannoon argamuu lakoofsaan osoo hin ta'iin jechootaan ykn himaan kan ibsudha. Yaada kana Addunyaan (2011, f.70) irrattti "odeeffannoon akkamtaa 'akkamiin' wantoota irratti qorannoo gaggeessuuf odeeffannoo jechaan ibsaman funaana" jedha.Kanaafuu haala ragaan itti argamurratti hundaa'uun mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun ragaa argatu qaaccessa. Haaluma kanaan adeemsi ragaa kennuufi ibsuu qorataa gaaffilee dhiyaataniif ragaalee argaman walitti qabuun kanneen walfakkaatan walitti fiduun argannoo dhiyaate ibsuun/addeessuun kaa'eera. Haaluma walfakkaatuun, bu'aan qorannichaa

ibsamuun yaadni furmaataa dhiyaateeera.Odeeffannoon meeshaalee garagaraatiin walitti qabamuun adeemsa mala qorannoo akkamtaatiin kan xiinxalamedha.Kunis, ragaan afgaaffiifi marii garee hawaasa Aanaa Daarimuu irraa argamu bifa qorannoo akkamtaatiin kan ibsamedha. Itti dabaluunis, yaadoleen dhimmicha waliin walitti dhufeenya hin qabne yoo jiraatan keessaa hanbisuun akkaataa ergaa isaatiin walsimsiisuun cuunfee goolabeera.

## 3.8 Naamusa Qorannichaa

Qorannoon dirree kan qorataan tokko iddoo qorannichi itti adeemsifamu dhaquudhaan qorannoo kan gaggeessudha. Adeemsi kunis kan odeeffannoon qorannoo sanaaf ta'u irraa argamu namoota dhimmicha beekan bira dhaquun qabatamaan ragaa barbaachisu sassaabbachuuf fayyada.

Haaluma kanaan, qorataanis aanaa qorannoon kun keessatti gaggeeffame qaamaan achi dhaquun namoota odeeeffannoo irraa sassaabbachuuf filate wajjin wal argee jira. Haaluma kanaanis kaayyoo tokko galmaan ga'uudhaaf kaayyeffate tokko safuu hawaasaa eeguuf amala gaarii ta'e qabaachuun baay'ee barbaachisaadha. Kanaafuu, qorataan tokko odeeffannoo barbaade tokko milkaa'uuf ykn argachuuf qaama irraa odeeffannoo fudhatu sana qorachuu qaba. Kunis uffannaa dhaan, nyaataafi dhugaatiin, amala isaan qaban gonfachuun odeeffannoo fudhachuudhaaf walbaruufi kaayyoo qorannichaa erga ibseefii booda eeyyama isaan gaafachuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e irraa fudhata.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

Boqqonnaa kana keessatti maqaa bakkeewwan Aanaa Daarimuu akkaataa itti moggaafaman odeeffanoon maanguddootaafi namoota hubannoo qaban gandoota adda addaa jiran irraa funaanaman xiinxalamanii jiru. Dhimmootni as keessatti ka'anis:- bu'uura moggaasa bakkeewwanii maqaa namaatiin moggaafaman, waan naanootti baay'inaan argamaniin moggaafaman, maqaa gosaatiin moggaafaman, taateewwaniin moggaafaman, teessuma lafaatiin moggaafaman, qaama bishaanitiin walqabatanii moggaafaman,Bakkeewwan moggaasni isaanii dhiibbaa siyaasaan jijjiiramaniifi dhaamsi moggaasa maqaa bakkeeewwaniiqabu boqonnaa kana keessatti dhihaataniiru.

## 4.1 Bu'uura Moggaasa maqaa bakkeewwaniii

### 4.1.1 Moggaasa maqaa bakkeewwwanii haala teessuma lafaan moggaafaman

Akka ibsa odimtootaatti yeroo marii garee xiyyeefannoofi afgaaffii kennaniitti, bu'ura moggaasa maqaa kan ta'an keessaa tokko haala teessuma lafaa naannoo sanaa akka ta'e dubbatu. Haaluma kanaan moggaasni maqaa bakkeewwan aanicha keessa jiran keessatti moggaafaman,gaarreen bu'uraa godhachuun kan moggaafaman jiraachuu mirkaneessu.

**Adaree:** Afgaaffii caamsaa, 5, 2014 Obbo Taakkalaa Qannoof taasisameen, gaaffii qorataan Adaree maliif jedhamee moggaafame jedhee gaafate yoo deebisan akka jedhu:-

> Adareen maqaa tulluuwwanii bu'uura godhachuun ganda moggaafamtedha. Kan jechuun gaarreen xixiqqoo ta'aniin kan marfamtee turte waan taateef, kanuma sababeeeffachuun moggaasni kun kan kennameefidha.Gandi kun oomisha barbarreen beekamti.Tulluuwwan naannoo sanatti argamu kana bu'uura godhachuun adaree jedhamee moggaafame.

Tulluun uummata Oromoo biratti kabaja kan qabuu, yeroo tokko tokko ammo bakkeewwan filatamoo ta'anitti abbootiin, haadholiin olitti bahanii uumaa isaanii kadhatanidha. Innis baay'inaan kan mul'atu waggaatti si'a lama yoo tahu, yeroo bonaafi birraati. Yeroo birraa Waaqa baacaqii gannaa nu baastee birraa kanaan nu geese jehuun galateeffatu. Yeroo bonaa ammo arfaasaa kee nuu qajeelchi jechuun kadhatu. Kanaafuu, Adareen maqaa bakkee gaarreen bakka sanatti argaman gaggabaaboo bifa adda harree kan qaban yoo ta'an, bakka kana waan kanaan wal fakkeessuun kanuma bu'uura godhachuun Adaree jedhamee moggaafame.

**Kattaa Baarkoo:** Obbo Xilahuun Ittaansaa akka jedhanitti:-

Maqaan ganda kanaa kan moggaafame bara 1950tti. Bu'uurri moggaasa maqaa kanaas namicha Ahimed waaree jedhamu Abbaa isaa Obbo Waaree Baaroof loon tiksaa ture. Lafti namichi kun sa'a/loon tiksaa ture kun bakka kattaa guddaan wayii jiru ture.

Baruma sana namichi karaa deemaan Baarkoo Jaafar jedhamu osoo adeemuu aduun itti dhiinaan namicha sa'a eegu kana argee, wajjin saawwa namatti galchee achuma bulee ganama aannan dhugee utuu galuuf jedhuu kattaa guddaa sana argee bakki kun kattaa baarkoo jedhamee haa waamamu jedhe. Bakka kana kattaa guddaa olka'insa qabutu ture, Baarkoon immoo maqaa isaati, Kanumaan kattaa baarkoo jedhanii moggaasani.

Yaada kanaa oliirraa waanti hubatamu, moggaasni bakka kanaaf kenname namicha osoo karaa deemuu aduunitti dhinaan mana namaatti goree buleen kaan moggaafame yoo ta'u, kunis maqaa isaafi kattaa guddaa naannoo saniin walqabsiisee kan moggaasamedha. Kattaan lafa dhagaan itti baay'atudha, bakka kanatti dhagaawwan walirratti biqilanii dhagaa guddaa ta'anii bifa tulluutiin kan mul'atantu argama. Kanumarraa ka'uun moggaasni bakka kanaaf kenname. Kanaafuu, bakka tokkoof moggaasni kan kennamu maqaa namaafi waan naannoo sanatti argamuun walqabsiisanii moggaasuun kan danda'amudha.

**Guurii:** Yaada odeefkennitootarraa akkan fudhadhetti:-

Guriin maqaa gandaati. Oomisha bunaan kan beekamtuufi uummanni ganda sanii baay'inaan horii foonii gabbisuun kan beeekamanidha. Gaaffii moggaasni maqaa bakkee guurii jedhamu kun maalirraa ka'eeti gaaffii jedhu odeefkennitoota yommuun gaaafadhu deeebiin isaanii, Yeroo durii sirna nafxanyaa keessa namichi Nagaash Araggaa jedhamu kan abbaa lafaa naannawaa sanaa ture duunaan uummanni naannichaa yaa'uun dhagaa baay'inaan guuree awwaala namichaa irra naquun akka fuulleetti mul'atu taasise. Kanumarraa ka'uun guurii jedhamee hafe. Dhakaan waliirratti tuulamuun isaa teessuma lafichaa kan duraarra akka olguddatu ta'ee fageenyatti akka mul'tu ta'eera. (Caamsaa,10, 2014 Afgaaffii Obbo Xilahuun Ittaansaaf taasifameen).

Moggaasni maqaa bakka guurii jedhamu kanaaf kenname kun bu'uurri isaa lafa olka'aa haa ta'uyyuu malee bakka kanatti abbaan lafaa bakka sanii du'uun isaa awwaala isaarratti dhagaan tuulamuun akka tulluu ta'uuf osoo hin taanee aadaadhumaan awaalarra dhagaan ni naqama. Kun immoo sababa abbaa lafaa ta'aniif jecha warreen kaanirra kabaja addaa waan laataniifiif awaala isaaniirra dhagaa baay'isanii akka fageenyarratti mul'atu kan taasisanidha. Abbaan lafaa diinagdee naannoo sanaa irratti dhiibbaa kan qabuu namoota naannoo sana jiraatan ergachuun

kan itti fayyadamaa turedha. Kun immoo aangoo abbaa lafummaa isaaniitti fayyadamuun warreen lafa hin qabne nama kanaan kan hacuucamaa turan mul'isa. Namini akkuma lubbuun yeroo jiru iddoon garaagaraa akka namaaf kennamu yeroon lubbuun hinjiraannes waanti akkasii akka jiruufi ta'ii kanaan illee moggaasni bakka tokkoof kennamuu akka danda'u ibsa.

### 4.1.2 Moggaasa maqaa bakkeewwanii maqaa namaan, sanyii /qomoon moggaafaman

Akka manguddoonnifi beektonni yeroo marii garee xiyyeeffannoofi dhuunfaan, "Bu'urri moggaasa maqaa bakkeewwanii maali?" jedhuuf yeroo deebisan bu'urri moggaasa maqaa bakkeewwanii maqaa namaa ta'uufi haala qabsuma lafaa dur taasifamaa tureen walqabatee seenaa ture dabarsuuf maqaa namaa/ sanyii naannoo sana qubatee ibsuuf akka itti fayyadaman ibsu. Haaluma kanaan maqaaleen aanicha keessatti moggaafamaniis Saammaloo, Abuunaa, Haadhamaarinoo, Embeshoo, Gobbee makkoo, Bachoo kan kana fakkaatan akka ta'an dubbatu. Yaada manguddoota kan deeggaru Powell (1990:24) yoo ibsu "Many people names are derived from personal names…" jechuun kaa'een walfakkaata. Kana jechuun moggaasni maqaa maqaa namaa bu'uura godhachuun kan moggaafamudha. Haaluma kanaan, bakkeewwan bu'uurri mogaasa maqaa isaanii maqaa namaa ta'e akka armaan gadiitti kan ibsaman ta'u.

**Abuunaa:** Odeefkennitootni akka jedhanitti:-

> Abuunaan maqaa gandaati. Bakkikun kan mogga'e namni maqaan isaa Abuunee Maatiyoos jedhamu naannoo sidaamaa irraa ka'ee osoo adamoo adamsuu bakka kan ga'ee bineensa Booyyee jedhamu argatee ajjeefate. Achumaan maqaan bakkichaa maquma namichaa bu'uura godhachuun bara 1952tti Abuunaa jdhamee moggaafame.

Yaada kanarraa wanti hubatamu, namichi Abuunee Maatiyoos jedhamu kun naannoo Amaaraa irraa dhufee bineensa adamsuun isaa kaayyoo isaa isa ifaa ta'u s, bakka kanaaf maqaa dhuunfaa isaatiin moggaasuun bakka saniin yaadatamuufi ilaalcha keessoo isaallee bakka sana dhuunfachiisuun ergama qabate san galmaan ga'uu kan danda'udha. Abuuneen aadaa naannoo isaa, amantaa naannoo isaatti baay'inaan ho'ifamu jirattoota bakka kanaa dhaalchisuun kan itti dhimma bahaa turedha.Kanaafuu, maqaan bakkeewwanii itti yaadamee qofaaf osoo hinta'iin dhimma tokko sababa godhachuun moggaasuun akka danda'amu hubanna.

**Bachoo:- :** Argannoo odeefkennitootaatiin:-

> Bachoon maqaa namaati-Bachoon nya'aa balabala of danda'aa tokkodha. Sanyii warra jaarsa sabbuuti-jaarsi sabbuu ammo jaarsa guddaafi jaarsa xiqqaa kan jedhamu of jalaa

qabu. Tulluu guddaa tokkotu ture tulluu guddaa kanarra dhaabbatanii namni keenyi osoo dhufe nu gaha jedhanii makkoo waamanii achi qubachiisan. Kanumaan bakki kun bachoo jedhamtee moggaafamte. Sanyii ykn qomoon bakka kana qubates warra makkooti.

( Afgaaffii obbo Zarihuun Bafiqaaf, caamsaa, 4, 2014) taasifameen

Oromoon akkuma hortee garaagaraa qabu, qomoo garaagaraas kan qabudha. Asirratti Bachoon maqaa akka qomoo ofdanda'aa tokkotti ilaalama. Hiikni isaas garraamii/shira kan hin qabne, qomoo jireenya isaa jijjiiruuf tattaafatuufi safuu ykn duudhaa isaa kabachiisuufi tursiifatudha. Sanyii kun muraasni isaanii Makkoo irraa dhufanii bakka kana kan qubatan yoo ta'u haalajiru ilaalanii sanyii isaanii warra Makkootti hafan hunda ofitti fudhachuun kan jiraachaa turanidha.

Kanarraa wanti hubatamu sanyiin ykn qomoon maggasni maqaa bakkeewwaniif akka kennamu yaada odeefkennitootni kennaniin xiinxalamee kan dhiyaatedha.

**Embeshoo:** Afgaaffii odeefkennitootaaf godhameen, waa'ee Embeshoo yoo ibsan:-

Bakki kun magaalaa ganda eeguuti. Moggaasni maqaa bakka kanaas kan inni irraa mogga'e, jaarsa nama araarsu jaarsa beekaamaa maqaan isaanii Embeshoo jedhamantu naannoo amma embeshoo jedhamee jiru kana turan, Jaarsi kunis akka odeefkennitoota irraa qorataan fudhatetti jaarsa araaraa dubbatan kan namni marti dhaguufi jireenya isaanii keessatti akkaataa namni waljaallatee,walkabajee waliin jiraatuuf nama gorsaa namoota naannoo sanaa ta'anii gumaaf gumaallee nama walitti araarsaa turanidha.

Duubni isaaniillee sanyii warra guddaa jedhamanii kan beekamaniifi yeroo ammallee horteen isaanii bakka kana akka jiran kan qoratamedha. Kanumaan bakki kun embeshoo jedhamee moggaafame. (Afgaaffii obbo Zarihuun Bafiqaaduuf, caamsaa, 4, 2014) taasifameen.

**Gobbee Makkoo**: Odeefkennitoof afgaaffii godhameen moggaasa maqaa bakkaa "Gobbee Makkoo" akkas jechuun deebisu:-

> Moggasni maqaa bakka kanaaf kenname manni baay'inaan bakka kanatti gobbatee waan tureef gobbee jedhamte.Makkoo kan jedhu ammoo maqaa abbaa qabiyyee lafichaa duraanii kan Makkoo Gusulaa jedhamu irrattidha.Gobbachuun waantotaa gobbee jechisiise, makkoo immoo abbaa qabiyyee lafichaati.Lafa warra makkoo irratti gobbatani-kanumaan gobbee makkoo jedhanii mogggaasan.Kanaafuu, bu'urri moggaasa maqaa bakkeewwanii keessaa tokko maqaa namaa akka ta'e agarsiisa.Dabalataanis warri baay'inaan naannoo kana qubatanii jiran ilmaan Gobbee Makkoo ta'uu kan ragaa bahaniidha.**(**Afgaaffiicaamsaa 15, 2014 Obbo Moosisaa Tuuchoof)

Odeeffannoo kanaa oliirraa waanti hubatamu, 'Gobbee' kan jedhu 'gobbe' kan jedhurraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaas walitti qabama namootaati. Namoonni kun bakka tokkotti walitti waan qabamaniif, gobbatanii argamuun isaanii gobbachuurraa maqaa Gobbee jedhamu akka isaan argatan taasise. Uummatni/ namoonni bakka kanatti gobbatan kun ammo abbaa qabiyyee lafa bakka sanii kan ta'an Makkoo Gusulaa yoo ta'u, walitti qabamuu namootaa dabalatee abbaa qabiyyee lafa bakka sanaan moggaasni bakka kanaa Gobbee Makkoo jedhame.

**Limmuu Golol:** Limmuun golol bakkee aanaaa daarimuu keessatti argamtu keessaa tokko yoo ta'u (Afgaaffii caamsaa 15, 2014 Obbo Moosisaa Tuuchoof) godhameen bakka kanaaf moggaasni akkasii kun maaliif godhameef gaaffii jedhuuf deebii yoo kennan:-

> Sanyii tokkotu limmuu saqqaa dhufuun naannoo laga Golol jedhamu tokko qubatan kanumaan limmuu golol jedhanii moggaasan. Golol maqaa laqaati, limmuun immoo maqaa sanyii/qomoo warra saqqaa dhufaniiti. Kanuma bu'uura godhachuun limmuun kan laga gololii ta'ee moggasni bakkaa kanaaf kennamuun kan ittiin beekamudha.

As irratti sanyii limmuu saqqaa dhufan kun sababa diinagden of ijaaruuf jecha Aanaa Daarimuu keessaa iddoo lafti bal'inaan jiru qubachuun lafa qonnaaf ta'u argatanii oomisha garaagaraa kan oomishaa turanidha. Kaayyoo qubattoota kanaa lafa oomisha qonnaaf ta'u barbaacha limmuu irraa kan dhufan yoo ta'u, lafa argatan kanarrattis diinagdee isaanii waan ijaaruu danda'uufi waan lafti naannoo sanii baasuu danda'u hojjeechuun of jijjiiraa jireenya naannoo saniillee jijjiiruu kan danda'anidha. Kanumarraa ka'uun maqaa qubattootaafi naannoo isaan qubatan

sanyii Limmuu jedhamu kanaafi laga Golol jedhamu bakka tokkotti fiduun Limmu Golol jedhanii kan moggaasanidha.

**Uuchee Diimaa:** Odeeffannoo odeefkennitootarraa argameen:-

> Uuchee diimaan maqaa gandaati. Uucheen maqaa lagaati-Diimaan ammo maqaa sanyii/qomooti. Kan isheen argamtus daangaa warra mattuu noonnoo, noonnoo tummeefi lixa wallagaa machaaraa kan jedhamuun marfamtee argamti. Moggasni maqaa kanaas kan moggaafameef, laqa xiqqoo tokkotu ture, nama tokkotu harree osoo oofuu laga ce'uu dadhabee 'chee' naa jedhi jedhe,achumaan maqaa lagichaa uuchee jedhan. Kan biraan ammo sanyii/qomoo warra diimaaa jdhamutu qubate, kanumaan uuchee diimaa jedhamee moggaafame.

Namni harree oofu kun daldala daldaluuf jecha, bakka biraa irraa bakka amma Uuchee Diimaa jedhamtu kana dhaquun harreedhaan kan daldalaa turdha. Adeemsa akkasii kessatti immoo wantootni baay'een nama mudachuu danda'u. Bakka kanatti harreen laqa ce'uu dadhabuun ishee un mudannoo daldala kana keesatti isa mudate yoo ta'u, maqaa harreen ittiin waamamtuu 'chee' jedhee waamuun isaa moggaasa laga kanaf sababa ta'e. Diimaan ammo maqaa sanyii/qomoo bakka sana jiraatanii yoo ta'u bakka kana moggaasuuf kana bu'uura godhachuurraa madde. Kanaafuu, maqaa lagaafi kan nama dhuunfaa/qomoo/ iddoo tokkotti fiduun bakkeeewwaniif moggaasni kennamee ittiin waamuun kan danda'amudha jechuudha.

**Buunnoo:-**Akkaataa qubannoo hortee Buunnoo irratti waanti jiru lola baay'eee ture keeessatti waraanee waraanamee ajjeessef itti du'ee daangaa isaa kabachiisachaa kan ture karaa bahaa daangaa Suphee Borootiin,kallattii kibbaan daangaa lafa daarimuu laga bishaan Asaas jalqabaa /magaala gajjallaa kallatti dhihaatiin daangaa Daaphoo Gaachoo fi kallattii kaabaatiin bishaan laga Walajjee daangefamee lafti karaa guddaan jiru kan Buunnooti .

Sochiin baballina uummata Oromoo yommuu ture bara durii keessaa Buunnoo namni jedhamu hortee damee ilmaa maaccaa keessaa damee mataa isaa lafa amma jedhamee kana qubachuu danda'eera.Buunnoo ijoollee isaa malees dameelee biroo ofitti galchuu akkuma hortee Buunnootti lakka'uun baaya'achuu danda'aniiru. Buunnoon afur (4) jedhama .Kana jechuunis balballi hortee buunnoo dameelee afuritti /4/ bahee wal horaa jira jechuudha.Arfanuu immoo kophaa kophaatti dameelee mataa isaanii qabu.Haala kanaan dameen /balballi /Buunnoo:-Haannaa,Moguu,Beeroofi Imbooroodha.

Oromoon Buunnoo akkuma Oromoo biroo habaashaa 1ffaan mo'amee itoophiyaa jedhametti sirna gadaan wal bulchaa ture.Yeroo sanas Buunnoon arfan sirna bulchiinsa isaanii gadaa Odaa jalatti wal gahaanii waa'ee uummata isaaniif daangaa isaanii kabachiisuuf abbaa gadaa muuduuf walumaa galatti waa'ee jiruuf jireenya isaanii waliin mari'atanii kan murteeffatan "Odaa Buruurii'' qilxuun jedhamee hanga ammaatti waamamu jalatti. Odaa Buruuriis kan argamu ganda qonnaan bulaa waabeekoo keessatti Shoobe jedhamuun naannoo waamamutti dirree dheeraafi miidhagduu tokko irraatti.

Caasaan mootummaa Minilikki 2ffaa weerara xaaliyaanii isa jalqabaa bara 1888 Adawaa irratti duula waraanaa gaggeesseen ergaa mo'atee booda caasaa mootummaa isaa diriirsuun Buunnoos to'annaa jala oolchuu danda'eera.Yeroo sanaa eegalee hanga Xaaliyaaniin yeroo 2ffaa mo'amtee bara 1933tti Xaqilaayi Gizaatii /Bulchiinsa Wallaggaa jalatti dhagahaa/ bulaa turte ./Naqamtee /Leeqaa Arjoo jalatti.Haata'u malee naannoon Buunnoo jedhamuun beekamu kun gara kutaa bulchiinsa Iluu Abbaa Booriitti kan deebi'e yeroo mootummaa Haayile sillaasee Xaaliyaaniin rukutamtee bara 1933 booda caasaa mootummaa diriiree keessatti haala bulchiinsa gandoolee ammaatiin lafti qabiyyee Buunnoo duraaniis ta'e yeroo ammaa horteen ilmaan Buunnoo keessatti argaman:- Ganda-Odaa, Haroo, Furdisaa, Beeroo, Aabbuu, Goboraa,Gumgummii, Effersii, Mandara,Waabeeko,Meexxii Guddaa Haannaa Ifaa, Imbooroo,Sharoo,Caaltee,Jaarsoo,Odaa Kaamaa, Bukkoofi Guuriidha.

<u>Hortee Buunnoo Arfan</u>

1. <u>Haannaa</u> → Gaafaree → Liilloo
2. <u>Moguu</u> → Daamota → Booran
3. <u>Beeroo</u> → Dulachoo → Eeffarsii
4. <u>Imbooroo</u> → Dagooyyee → Sondii

Asiirra waanti hubatamu, haala qubannoo hortee kanaa ilaalchisee lolli baay'een akka tureefi sababa lola kanarraa kan ka'e ammo qabeenyi hedduun akka qisaaa'an lubbuun namootaafi beeyiladootaa akka dhumanidha. Kun immoo diigdee naannoo sanii quucarsuu danda'ee jira. Kanaaf, lolli bakka tokkotti ka'uun isaa diingdee bakka sanii miidhuurra darbee kan oollaa illee miidhuu akka danda'udha. Kun ammoo kufaatii biyya tokkoof sababa guddadha. Moggaasni

bakka kanaas kan kennameef maqaa sanyii ykn qomoo isaaniitini. Sanyiin kunis buunnoo yoo jedhamu maqaan bakka kanaas buunnoo jedhamuun moggaafame.

**Daarimuu Baambii :**Akka seenaa Oromoo duranii ibsuutti uummanni Oromoo bakka duraan ture irraa baay’ina uummata isaanii loon isaatiif kan ka’e lafa bal’aa, jireenya namaafi looniif tolu barbaacha duula babal’ifannaa gaggeessaa akka ture seenaan ni yaadata .

Bu’uura kanaan uummanni Oromoo gara dhihaafi Kaaba dhihaatti damee lamaan Oromoo keessa tokko kan ta’ee hortee Maaccaafi Tulamaadha.Har’as tanaan gama kana irraa Oromoonni qabatanii jiran hortee ilmaa maaccaa fi tuulamaadha.Waggoota dheeraadha as sababa hongeefi gogiinsa baha Oromiyaa qaqqabeen mootummaan gara dhihaatii fide malee dameeleen Oromoo lammaan kallatti sochii taasisaniin bakka gahan qabiyyee taasifatanii jraatan.

Sochii baballachuu taasifame kana keessatti dameeleen lamaan kun dameelee xixxiqaa uummatanii lafa qubatan keessa Daarimuu kan jedhamu hortee ilmaan Maaccaaa keessa kan ta’ee damee mataaisaa uummatee Daarimuu Deeggaa (Wallagga irra gara aanaa keenyaatti hortee Daarimuu keessa Buchoo,Waloo fi Barihoo kan jedhaman bara jalqabaa dhufuun qabatan jedhama.Yeroo dhufan lafa kana kan turan sanyii warra gurrachaa “Naayolotikii “ kan ta’an hortee Yamboo "Masangoo “ kan jedhaman akka turan ni odeeffama. Oromoonni dhufan kun warra gurraacha kana irra ariyachuudhaan bosona guddaa yeroo ammaa Baambii jedhamuun wamamu irra qubatan jedhama.

Hortee warra gurraacha yaamboo jedhamuun beekaman kana keessa namni beekamaa jarreen gurraacha kana hoogganu Yamboo maqaan isaa “Baambii “bishaan “Baambii” jedhamuun wamama. Maggaasni maqaa kanaas maqaa namaatiin kan mogga’e ykn bu’uurri isaa maqaa namaa kan ta’edha.Kana irraan ka’ee horteen daarimuu as qubatees daarimuu baambii jedhamuun beekame.(Odeeffannoo waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Daarimuu irraa argameen.)

**Walee:-**Waleen maqaa gandaati. Magaalaa Aanaa irraa gara lixaatti 5km fagaateee kan argamudha. Yaada odeefkennitootarraa argameen bu’uurri moggaasa bakka kanaa maqaa sanyiiykn qomooti. Kunis namoonni naannoo amma Walee jedhamu kana jiraatan sanyiin isaanii warra waleedha. Bu’uuruma kanaan bakka kana Walee jedhanii moggaasani. (Obbo Bantii Jimaa)irraa odeeffannoo argameen.

**Shawwalee:-**Odeefkennitootni akka jedhanitti:- Sanyii warra Walee jedhaman keessaa namoonni shan bakka Walee jedhamtu irraa25km fagaatanii lafa qonnaa barbaacha kan qubatanidha. Namichi Tuuchoo Haayiluu jedhamu namoota shanan kanatti dhaqee eessaa isin jedhee gaafannaan warra Waleeti-waleedhaa dhufne jedhan. Kanumaan baay'ina namoota kanaafi sanyii isaan irraa dhufan walitti fidhuun 'Shawwalee' jedhanii moggaasani.

### 4.1.3 Wantoota Naannoo sanatti Argamaniin Bakkeewwan moggaafaman

Moggaasnimaqaa bakkeewwanii waan naannootti baay'inaan argamuun moggaafaman bu'uurri moggaasa isaaniis waan naannoo sanatti baay'inaan argamudha.Bakki kamiyyuu qabeenya uumamaa haaqabaatu malee, bakka hundatti bifa walfakkaatuun hinargamu. Bakka tokkotti baay'inaan kan argamu yoo ta'u, bakka biraatti garuu xiqqaatee argama. Wantoonni naannootti argaman kunis biqiloota, dhagaa, tulluuwan, mukkeen, bineensotafi kan kana fakkaatan yoo ta'an, Bakkeewwanis moggaasa isaa waanuma naannoo kanatti baay'ee argamuun moggaafamuu danda.a. Yaada kana Sitwaart (1967:62) yoo ibsu " place that were frequented wild animals some of them extinct and by birds, insects and fishes were some times named from them" jedha. Akka yaada kanaatti moggaasni bakkeewwanii bineensotaan, sinbirrootaan, qurxummiiwwanfi kkf bu'uura taasifachuun illee moggaafamuu akka danda'an ibsa.Walumaa galatti Moggaasni bakkeewwaniiwwanii waan naannootti baay'inaan argamuun moggaafamanii jiru.

**Kusaayee:** Odeefkennitootni akka jedhanitti:-

> Kusaayeen maqaa gandaa Aanaa Daarimuu keessaa tokko taatee gandoolee kanneen akka: tuulamaa, haramii, waleefi magaalaa Aanaan marfamtee argamti.Maqaan kun kan mogga'eef, maqaa biqiltuu yeroo durii baay'inaan bakka sanatti argamutu –kan foolii baay'ee urgaa'u qabdutu naannoo sana ture.Kanumaan kusaayee jedhamtee waamamte. ( Caamsaa,5, 2014 Afgaaffii Addee Xajjituu Dinqaaf taasifameen)

Oromiyaa keessatti biqilaawwan baay'ee urgaa'ainiifi meeshaa aannaanii ittin miicuuf,akkasums ittiin qoraasuuf dubartootni itti fayyadaman keessaa tokko Kusaayeedha. Biqilaan kun bifti isaa daalacha, baalli isaa xixiqqaa kan ta'eeefi akka mukeen biroo tajaajila garaagaraaf kan hinoolledha. Mi'a aannaanii ittiin miicuun aannan sun wantoota biroon akka hin faalamneefi fooliin isaa akka namatti toluuf itti fayyadamu. Bu'uurma kanarraa kan ka'e moggaasa maqaa bakka kanaa Kusaayee jechuun mogaafame.

**Meexxii Guddaa**: Yaada odeefkennitootarraa argameen:-

Meexxiin Guddaa dur meexxii dheekkoo jedhamee waamama.Moggasni maqaa kanaa Namicha maqaan isaa Bulii Waasarmuu jedhamuun bara 1942tti kan moggaafame yoo ta'u, biqiltuu guddaa meexxii jedhamu naannoo sanatti waan argamuuf kanuma bu'uura godhachuun meexii guddaa jedhamee moggaafame.

Meexxiin biqilaa tajaajiloota kanneen akka gundoo, handaqqii, gingilchaafi k.k.f'f ooludha. Iddoo tokko tokko ammo firii isaa nyaataaf kan ooludha. Namoonni ogummaa adda addaa qaban biqilaa kanatti fayyadamuun diinagdee isaanii jijjiiruu ni danda'u. moggaasni maqaa bakka kanaaf kenname meexxiin maqaa biqilichaa yoo ta'u, guddaa sababni jedhameef ammoo baay'ina uummataarraan kan ka'e, ganda tokko irraa uumuun isa xiqqaafi guddaa jedhanii kan moggaasaniif kanaafidha. Bakki meexxii guddaa jedhamu kun dur meexxii dheekkoo ture. Dame meexxii biraa basuuf jecha jijjiiramni maqaa bakka kanaarra gahe.

**Dambii**: Afgaaffii odeefkennitootaaf godhamee deebii argameen:-

Dambiin maqaa mukaati.Bakki kun bakka itti abbootiin/jaarsoliin taa'anii waaqa isaanii kadhataniifi namoota waldhaban walitti araarsanidha. Dambii kana jalatti dur abbootiin seera tumatu, waliin marii'atu, kan wallole walitti araarsu, daambiifi seera tumatan sanis bakkuma kanatti beeksisu. Sababa kanaan bakki kun moggaasa dambii jedhamtu argattee ittiin waamamti. (Afgaaffi Obbo Raddaa Itichaaf Eebla,28,2014 taasifameen)

Oromoon aadaa namoota waldhaban araarsuu keessatti qoodni isaan qaban olaanaadha. Namoota kanneen yeroo araarsus gaaddisa mukaa jala taa'uun sagantaa isaanii eebbaan banuun namoota kana walitti araarsa. Kanaaf Uummata Oromoo biratti mukni iddoo olaanaa kan qabudha. Moggaasa maqaa bakkaaf muknis bu'uura ta'uu akka danda'udha.

**Timjii:-**Timjiin ganda Aanaa irraa gara Lixa Wallaggaatti argamtudha. Uumatni naannoo kanaas oomisha bunaan kan beekamudha. Moggaasni maqaa bakka kanaa odeefkennitootaaf maree gare taasifameen akka jedhanitti:- Naannoo kanatti biqilaa baay'ee gaggabaaboo maqaan isaa 'Timjii' jedhamutu naannoo kanatti argama ture, biqilaan kunis mana, mooraafi kkf ittiin qulqulleeffatuuf gargaara. Kanumarraa ka'uun bakka kana Timjii jechuun moggaasan jedhu. Timjiin maqaa biqilaa ta'us bakka kanatti maqaa bakkaa ta'ee tajaajilaa akka jiruufi bakka saniif beekamtummaan bakka sanaa maqaa biqilaa kanaa akka ta'e hubanna.

#### 4.1.4 Maqaa bishaaniin Bakkeewwan moggaafaman

Bakkeewwan akkuma maqaa namaa, haala teessuma lafaa bu’uura godhachuun moggaafaman qaama bishaaniillee bu’uura godhachuun kan moggaafamanidha. Fakkeenyaaf, Bakkeewwan Aanaa kana keessa jiran keessaa Haroofi Hasaasaa yoo ilaalle:

**Odaa Haroo**: Odeefkennitootaf Afgaaffi taasifameen waa’ee moggaasa maqaa bakka Haroo jedhu yoo ibsan:

> Magaalli Odaan Haroo Haroo jedhamuun beekamti. Argamni isaas magaalaa Aanaa irraa 20 gara bahaatti fagaatee argama. Oomisha bunaafi midhaan nyaataaf oomishuun kan jiraatanidha. Bakki kun moggaasa maqaa kana kan argate bara 1941 keessa yoo ta’u, sababni maqaan kun mogga’eefis bakka kana dirree bal’aa tokkotu jira-dirreen kunis bokkaan yoo roobu of keessa osoo hin dabarsiin yeroof kan turudha. Bokkaan roobee irra yeroo ciisuu dirreen bal’aan kun bishaaniin uwwifamtee hara fakkatti. Bu’uuruma kanaan Haroo jedhamee moggaasame. (Obbo Raddaa Itichaaf Eebla, 28, 2014)

Yaada kanaa oliirraa akka hubannutti, sababa bakka sanatti bishaan guutee haroo fakkaateef moggaasa kana kan argate ta’uudha. Haroon bishaan ciisaa halaalatti kan nama hawwatudha. Haroo diinagdee biyya tokkoo guddisuu keessatti gahee olaanaa kan qabudha. Kunis hawwata tuurizimii gochuun madda galii sassabuun kan ta’u yoo ta’u, bakki kun waqtii gannaa qonnaaf kan hin oolleefi yeroo bonaa Qullubbii, Shonkoora, Firaafiree adda addaa oomishuun madda galiif kan ooludha.Odaan ammo kan uummanni Oromoo jalatti seeera tuamtu, Waaqa Umaa isaa kadhatudha. Bu’uuruma kanaan maqaan akkasii kun kan mogga’eefidha.

**Hasaas:** Afgaaffii Odeefkennitootaaf godhameen waa’ ee bakka Hasaas jedhamu kanaa yoo himan:-

> Hasaas bakkeewwan gandoota Aanaa Daarimuu keessa jiran keessaa magaalaa Aanichaatti aanee kan argamudha. Bu’uurri moggaasa kanaa laga akka ta’e manguddoonni ni himu. Inni moggasa kana kan argate, laga tokkotu ture, lagni kunis yaa’aa deemuun iddoo tokkotti hayyallaa guddaa olka’insa qaburraa asii gadi fincaa’a. Fincaa’uu lagichaan fageenya dhaabbatanii maalinni huursu jechaa adda baasuuf walitti hasaasaa deemu. Namichi tokko itti dhufee maalhasaastu jedheen kanumarraa ka’uun maqaa lagichaas, bakka sana Hasaas jechuun moggaafame.

Hasaasuun dubbii icciitii/dhoksaa ta'e tokko qaamni biraa akka hindhageenyetti sagalee gadi qabuun kan dubbaatamudha. As keessatti qaamotni waliin dubbacjhaa deeman qofti kan beekaniifi ofii deebii walii kennaa kan deemanidha. Hasaasuun gosoota dubbii keessaa tokko ta'ee, sagalee duubbachiiftuu dheeraa dhumaa jecha 'hasaasuu' jedhurraa haqauun moggaasa 'Hasaas' kan jedhu maqaa bakka ta'ee kan tajaajiledha. Kanaaf, dubbiinis bakkeewwaniif moggaasa maqaa ta'e tajajaajiluu ni dana'a jechuudha.

### 4.1.5 Maqaalee Bakkeewwanii Taatee bakka sanaan walqabatanii Moggaafaman

Akka yaada manguddooliifi beektoota waa'ee seenaa bakkeewwanii beekanii irraa yeroo afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannoon godhameetti bu'urri moggaasa maqaa bakkeewwanii inni biroon taatee bakka sanaa akka ta'eedha. Haala kanaan maqaaleen moggaafaman: Bendoo,Gamballaa,Guurii Uuchee,Beenaafi kan kana fakkaatan fa'a. Kanas gaaffii bu'urri moggaasa maqaa maal akka ta'e gaafatamaniif yoo deebii kennan:

**Bendoo:** Afgaaffii odeefkennitootaaf godhameen waa'ee moggaasa maqaa bakka kanaa akka jedhanitti:-

> Bendoon maqaa gandaati. Bakki Bendoo jedhamtu kun nama maqaan isaan Adinoo Baasaa jedhamuun bara 1960tti moggaafame.
> Namichi kun Aanaama kana keessaa Ganda Innaariyoo jedhamtuu bahee gosoota allattii keessaa Sololiyaafi Gogorriin kan jedhamaniif kiyyoo kiyyeessuun qabataa nyaataaf itti fayyadamaa ture. Kiyyoon kunis kirrii ykn qaachaa foo'uuun kan hojjetamudha. Maqaan kiyyoo isaa kunis Bendoo jedhamee waamama. Kanumaan bakki kun Bendoo jedhamee hafe.

Kiyyoon akkuma maqaan isaa ibsutti rakkina/ gadadoodha. Kiyyoo keessa jira/jirti yoo jedhamu rakkoo keessa jiraachuun ibsama. Kiyyoo hidhuun immoo faayidaa tokko argachuuf, kunis namichi kun Gogorrii kana foon isaa nyaachuuf ykn gurguree madda galii ittiin argachuuf ta'a. Kanaafuu, kiyyoo xaxxuun mataan isaa dubbiif akka ta'eefi waan saniin immoo tokko gufachiisanii tokkoon olkaasuufidha.

**Gamballaa:** Yaada Odeefkennitootni kennaniin ''Maqaan bakka Gamballaa jedhamu kun kan mogga'e, dur-namichi gosa Anyu'aaqii kan maqaan isaa ammatti hin beekamne jalaa leenchi sangaa qabnaan gaafa iyyee uummanni itti birmatu Afaan Amaaraatiin 'Gam-Bellaa' jedhee iyye. 'Gam' jechuun qabuu, Bellaa jechuun ammoo nyaachuu yoo ta'u walumaa galatti 'Gam-

Bellaa' jechuun qabatee nyaate jechuudha. kanumaan maqaa bakka sanii ta'ee hafe'' jedhu. (Eebla,17,2014: Obbo Taakkalaa Qannoof afgaaffii taasifame).

Leenchi bineensota jiran keessaaa cimina kan qabudha. Bakka Gamballaa jedhamtu kanaaf, bu'uura ta'ee moggasni akkanaa akka kennamuuf kan taasise gochaa Leenci bakka sanatti taasiseenidha. Kunis, namichi yeroo sanatti afaan beekuun 'Gambaallaa' jechuun yoo iyyu, bakka kana kanumaan Gamballaa jdhamee kan moggaafamedha.

**Beenaa: O**deeefkennitootni akka jedhanitti:-

> Yeroo jalqabaaf Uummani bakka kana jiraatan Harargee irraa gara Aanaa daarimuu dhufanii qubatan.Aanaan Daarimuu lafa bal'aa waan qabduuf uummata kana qaamni dhimmi isaa ilaallatu fudhee geessee iddoo ykn bakka kana akka isaan qubatan godhan. Beenaan yeroo ammaa kana baay'ina uummataa hedduu kan qabduufi oomishaalee garaagaraa kanneen akka loozii, ruuziifi boqolloo baay'inaan kan oomishanidha. Dur beeenaa tokko qofa kan ture gara beenaa tokkoffaa, lammaffaa, sadaffaa irra gahee jira.Bu'uurri moggaasa maqaa kanaa yerooma uummata kana qubachiisuuf jedhan gaduma- beenaa jechuun osoo ajajaanii achumaan Beeenaa moggaasa jedhu kennaniif. (caamsaa 13, 2014 Obbo Bantii Jimaaf afgaaffii taasifameen)

Uummannni/ sabni tokko bakka tokkoo gara bakka biraatti yeroo socho'u sababa tokko malee akka hinsochoone beekamaadha. Yaadni odeeefkennitootni armaan olitti kennanirraa uumatni bakka Beenaa jedhamu qubatan kun Harargee irraa dhufanii bakka kana qubachuun isaanii misooma barbaacha. Kun immoo bakka dur jiraatan irraa lafti qonnaaf mijaataa ta'uudhabuurraan kan ka'e, gara Aanaa kanaa dhufuun diinagdee isaanii oomishaalee garagaraa oomishuun kan fooyyeffatanidha. Bakka Beenaa jedhamu kanas kan moggaa'eef, sababa 'deemaa' jecha jedhu 'beenaa' bakka buusuun waanfayyadamaniifidha.

**Qilxuu Daarii:** Sababa daangaa babal'ifannaaf jecha ilmaan abbaa tokkoo kan tahan daaboo daarimuufi buunnootu wallole.Iddoo kanatti lubbuun namoota baay'een darbee daarimuufi buunnoon gadi dhaqanii daaboon ammo oldhufee iddoo kanatti araarri bu'e. Gara oliin daarimuutti kan aanu ganda Kusaayee, gara buunnootiin ganda sharoo, gara daabootiin ammoo ganda innaariyoo jedhamee waamama. Bakki innaariyoo jedhamtu kun yeroo sirna gadaan bulaa turte keessatti salgan Iluu jalaa baasuun namichi Baloo Dungoo jedhamu Wallagatti Kutuun Fattansaan ammo to'annaaf jecha goosaa booroo, Sanbatoo Allanuufi Duugii Araddoo Abbaa Duulaa taasisuun bakka Saddaalee jedhamtutti daaboo waliin walitti namoonni 69 du'uun 70ffaa

irratti ammoo namichi Caalii Duulaa jedhamu wallaga irraa dhufee du'e.Iddoo kanatti lubbuun namoota baay'een darbee daarimuufi buunnoon gadi dhaqanii daaboon ammo oldhufee iddoo kanatti araarri bu'e, Kanumaan muka qilxuu jedhamuun daangaa dabalanii Qilxuu Daarii jedhanii moggaasan. Afgaaffii Obbo Olaanaa Gaarradoof (Eebila, 22, 2014) taasifame.

**Burii Unkusoo:**Odeefkennitootarraa afgaaffii godhamee deebiin argameen:-

> Moggaasni bakka kanaa bara 1920tti, kunis hongeen hammatee beelli biyya fixuuf kaanaan uummanni ganda sanaa bakka Unkusoo jedhamu kana biqilaa burii jedhamu hundee isaa lafa keessaa qotee nyaata argachaa ture.Hundeen mukaa kun yeroo ammaa kanayyuu godina wallaga lixaa,qeellam waggaafi iluu abbaa booraa keessatti baay'inaan kan argamuufi namoonni nyaafillee kan itti fayyadamanidha. Gosti nyaataa burii jedhamu akkuma ancootee lafa keessa qotamee erga bahee booda miicamee affeelamee kan nyaatamudha. Kanumaanis maqaan iddoo kanaa Burii Unkusoo jedhamee hafe.

Oromiyaa keessa wantootni nyaataaf oolan hedduun ni jiru. Buriin isaaan keessaa tokko. Gosti nyaataa kun akkuma Dinnichaa, Anooteefi kanneen biroo lafa keessaa qotamee hundeen isaa nyaatama. Sababa hongee irraa kan ka'e, uummatni beelaan dhumee,diinagdeen bakka kanaa quucaruurra darbee lafarraa kan qabametti Buriin buddeena ta'ee tajaajilaakan turedha. Ukusoon ammo maqaa durumaan bakki kun itti waamamtu yoo ta'u kanuma sababeeffachuun maqaan kun kan kennameefiidha.

**Ulaa Foddaa:** ulaan foddaa ganda Gamballaa jalatti waamamti. Ulaa Foddaa kan jedhameefis, yeroo Oromoon gadaan bulu, salgan Iluun osoo buluu Daaboon ittiin buluu didee, Fattansaa Haayiluu, Duugoo Araddoo, Goosaa Baaroo, Allaanuu Sanbatoo namoota kanneen erguun akka isaan to'ataman taasise. Namoota kanneen kan erge immoo fattansaa haayiluuti. Daaboon kunis salgan iluu keessaa isa tokko ta'ee yeroo sanatti dhiibbaa irra tureef jecha ittiin buluu dide.Namichi Fardaa Garbii jedhamu to'atamuu didee waraana kana oldeebise achumaan'koottaakaa oldeebina furda baraa taati" jedhan.Fardaa garbiin kunis immoo warra daabooti.Kanumarraa ka'uun Ulaa Foddaa jechuun moggaafame.Kanaaf taatee tokkoof moggasni bakka tokkoof kennamuu akka danda'udha.

**Ijoo Qeerroo:** Argannoo odeefkennitootarraa argameen Bakki kun ganda kusaayee jalatti argamti. Bakki kun bakka burqituun bishaanii gaara olka'aa tokko jala yaa'udha. Moggasni maqaa kanaas kan mogga'eef, bishaan kana baay'inaan kan waraabbatan shamarrani. Dargaggeessi yeroo hundaa bakka kanatti walgahuun shamarran haasa'atu.Guyyaa tokko bakka

kanatti walgahanii osoo jiranuu shamarree maqaan ishee waaritee gumii jedhamtu irratti dargaggeessi maqaan isaa wadaajoo shufaa jedhamuufi Birruu Guutamaa jedhamu walitti bu’uun laga kana keessatti lubbuun isanii darbe.Kanumaan iddoo kana ijoo qeerroo jedhamee moggaafame. Kun maal mul’isaa bakki kuns(Eebila, 22, 2014 Obbo Bantii Jimaaf afgaaffii taasifameen

**Waayilii:** Waayiliin magaalaa kattaa baarkooti. Yaada odeefkennitootni jedhaniin Kan kana jedhameefis waa hili hunda hin fudhatiin kan jedhurraati.Kunis kan jedhameef, namoota tokkotu wal-lolanii jaarsi biyyaa ta’ee badii isa tokkoo adda baasanii inni tokko ‘kiisii’ akka fudhatu taasisan. Isa ‘kiisii’ fudhatu saniin akka aadaafi bartee qabnutti waan murtaa’e hunda hin fudhatanii waa hili hunda hin fudhatiin jedhan.kanumaan waayilii jedhamee moggaafame.Kanaaf akkaataa waanti tokko ta’eeniifi waan yeroo gabaabaa keessatti ta’een moggaasni maqaa bakkeewwaniif kennamuu ni danda’a jechuudha. Bu’uurri garuu waan yeroo sanatti ta’e irratti hundaa’uun kan moggaafamudha.Afgaaffii Obbo Olaanaa Gaarradoof (Eebila, 22, 2014:) taasifame

**Sirboo:**Yaada odeefkennitootarraa argameen- Sirboo kan jedhameef cidha deemuun namni Ebeloo jedhamu sirbisiisaa yeroo dhufu, haati buna afaan ka’uun dhadhaan lubbuu tuquun, lubbuun dheeradhu jechuun eebbistee olgalfatte, osoo isheen hin taa’iin haati duukam dursitee teessee haati gurbaa ishee fuudhuu jarroo lama guutan eenyuun buna afaan kaa’u jettee gaafatte. Isheen dursitee dhufte ammo intala dhuftetu galaaf miti lachuu afaan kaa’ii eebbifadhu jette.Gurbaan achumaan lamaan isaanii fuudhe.Isheen cidhaan Sirbisiisaa dhufte gaafa mucaan godhattu, sirboo jettee moggaaste. Inni isheen waliin dhufte ammoo duukaa waan dhufteef, duukan jedhan achumaan Duukam Ebeloo jedhan.( caamsaa 13,2014 Obbo Bantii Jimaaf afgaaffii taasifameen)

**Aalgaa:** Odeefkennitootni akka jedhanitti Aalgaan, qabiyyee waloo harbuu akka ta’eefi Utuboo nama jedhamu wasiila isaa fidee dhufe,utuboon ol deebi’ee wasoo utuboo jedhamu fidee dhufe kanumaan Aalgaa utuboo,tulluu utuboo,tuulama utuboo,riqituu utuboo,buuraa utuboo namoota jalqaba qubatan yoo ta’an Namichi naannoo Amaaraa irraa buqqa’eee dhufe tokko,iddoo bultii dhabanii uummata achi jiraatuun Aalgaan hin jiruu? jedhani. Namoonni yeroo sanaa aalgaa aalgaa jedhanii dubbachuun achuumaan guyyaa jimaataa tokko Gabaa Aalgaa jechuun moggaasan jedhu. Bakki kunis bu’uuruma kana godhachuun Aalgaa jedhamtee ittiin waamamaa kan jirtudha. Asirratti moggaasni iddoo/bakka kanaaf kenname kun dhiibbaaf akka ta’e,

uummatni naannoo sanii kan hin beekne ture. Booda keessa garuu kayyoon jiru maal ture? Moggaasni maqaa kan dur guutoo jedhamee waamamu tarii dhiibbaa jiruuf ta’aa jechuun booda kana iddoo tokkotti walitti deebisuun hiriyoo jechuun moggaasan. Bakka gabaa sanii garuu ammallee aalgaa jedhamee hafe.

**Duphaa:-** Duphaan magaalaa Aanaa Daarimuuti. Moggaasa maqaa kan argate bara 1960 yoo ta’u innis namoota baay’eetu iddoo tokkotti walgahee jira. Walitti baay’achuu namoota kanarra ka’uun maaliif akkanatti dhuubamtanii teessu jedhee tokko gaaffii gaafate. Dhuubbaa kan jedhu kana ‘Duphaa’ jedhanii moggaasan. (Afgaaffii Obbo Moosisaa Tuuchoof) godhameen.

**Daadee:** Daadeen maqaa gandaa Aanaa Daarimuu keessaa tokko ta’ee, gandoota Aanaan kun qabdu keessa fageenya irratti kan argamuufi gammoojjii kan ta’edha. Innis kan argamu Godina Qeellam Wallagaa Aanaa Laaloo Qilee, bakka seena qabeessa ta’e laga ‘Birbir’ jedhamuun kan daangeeffamedha. Odeefkeennitootni akka jedhanitti:

> Moggaasni maqaa Daadee jedhu kun kan mogga’eef, dur namootni baay’inaan iddoo tokkotti heddummatnii boqolloo gasa’aa, sirbaa osoo jiranii namichi tokko itti goree maalinni jechuun gaaffii gaafate, achumaan namni tokko warra ‘daadee’dha jedheen. Daadee jechuun ammoo kan namoonni hawaasummaa keessatti hojii irratti waldeeggaruun taasifamudha jechuun hiika isaa kenne jedhu. Kanumaan moggaasni maqaa bakka kanaa Daadee jedhamuun kan moggaafamedha jedhan.

Namoonni waliin jireenya hawaasaa keessatti, jechuunis yeroo gaddaa, gammachuu, hojiifi kkf kan waliin hirmaatanidha. Daadeenis isaan keessa tokko ta’ee hojii hojjettan walta’anii waldeeggaruun waan hojjettaniif waan guuddaa ta’e tokko bifa salphaa ta’een hojjechuun kan danda’anidha. Gurmuun hojjechuun ammo diinagdee nama dhuunfaarra darbee diinagdee biyyaallee kan jijjiiruu danda’udha. Kanaaf Daadeen hojii saffisiisuu kan danda’u yoo ta’e ,moggaasni bakka kanaaf kennames bu’uuruma hiika daadeef kennameen akka ta’e hubanna.

**32. Hiriyoo:**Hiriyyoon maqaa gandaati.Magaalaan ishii Aalgaa jedhamti. Kunis kan moggaafame, Bara 1984 Taaddasaa Yaaddoo nama jedhamutu Guutuu haroofi Aalgaa dallaa dur adda addaa kan jiran hiriyyummaafi hariiroo namoota gandoolee kana lamman gidduu jiru cimaa waan ta’eef, akkasumas bara durii akka manguddoon odeeffannoon irraa fudhatame,ibsutti dur tokko kan turteefi yeroo sirna minilikii adda baasanii kan maqaa itti moggaasan yoo ta’u boodana garuu dallaa tokkoon walitti fidee ganda hiriyoo jedhee moggaase.

Walumaa galatti taatee wantoota bakka sanitti ta'aniin moggaasni bakkewwaniif akka kennamufi kunniinis akka itti waamaman agarsiisa.

**Jaarsoo:** Maree garee odeefkeennitootni taasisaniin Jaarsoon maqaa gandaa yoo taatu, kan argamu karaa kaabaa ganda Waa-beekuu, lixaan ganda Effersii, kibbaan ammo ganda Haramii jedhamuun kan marfamee argamuufi bakki kun qonnaa, horsiisa looniifi loon furdisuun kan beekamanan akka ta'e ibsu. Bu'uurri moggaasa maqaa bakka kanaas manguddoota naannoo sanitti argaman bu'uura akka godhate ibsa. Kunis dur bakka sanatti jaarsolii/ abbootiin baay'inaan argamuurraa kan ka'e bakka kana Jaarsoo jedhamee moggaafame. Jaarsi abbaa waan hundaa jechuunis, kan araaraa, kan nagaa buusu, kan waldhabe kan araarsu, abbaa Gadaa akka ta'e beekamaadha. Kanafaaf maqaa bakka kanaa Jaarsa bu'uura gochaan moggaafamuun isaa kabaja abbootiif qabanillee kan mul'isudha.

**Waabeekoo:-** Waabeekoon gandoota Aanaan Daarimuu qabdu keessaa tokko taatee yeroo ammaa kana bulchiinsa magaalaa kan argattedha. Yaada odeefkennitootaaf maree garee godhameen akka jedhanitti; "bakka kana dur waa-beekaatu jira. Waa-beekaa kana bira namoonni yeroo yerootti ganda waa-beekaa deeemna jechuun yeroo horiin jalaa badu, horiin cabee namni cabse adda bahuu yoo dadhabu, miidhaan kallattiin isaa hin beekamneen wantootni yoo miidhaman kanneen kana fakkaatan adda baafachuuf gara waa-beekaa kan deemaa turanidha. Bu'uuruma kanarraa kan ka'e maqaan ganda kanaa Waa-beekoo jedhamee moggaafame jedhu".

Orommoon sirna qaba-aadaa qaba. Sirni Oromoon qabu keessaa tokko Gadaadha. Waa-beekaan maqaa Qaalluuti. Qaalluun ammoo Uummaata Oromoo biratti akka 'Institutionitti' ilaalama. Wantoota dhoksaan hojjettaman hunda shakkamtoota adda baafachuun dhugaan bade kan inni adda bahu Ganda Waa-beekaatti. Kunis jaarsoliin biyyaan qorannoon taasifamee adda bahuu yoo dadhabamu ganda Waa-beekaa deemna jechuun guyyaa qabatanii deemu. Yeroo deemaan kanattis wantoota barbaachisan kanneen akka:-naddii, buna, hixaanafi kkf qabachuun karaarraa margas ta'e wanta biraa waan milikkita ta'uu danda'u qabatanii deemuu. Kanumaan 'Qaalluun' fagee faradee dhugaa isaa baasee bifa isaa itti araaraman illee kan kaa'udha. Maqaa dhaabbataanillee moggaasni maqaa bakkeewwaniif kennamu akka jiru nu hubachiisa.

## 4.2 Dhiibbaa sirnoonni Darban Moggaasa Maqaa Bakkewwaniirratti Geessisan

Qorataan manguddooliif beektota irraa bifa afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo dhiyaaterratti hundaa'uun akkasumas Afgaaffiin odeeffannoo yeroo sassaabu, akka yaada isaaniitti dhiibbaan

guddan gama kanaan ga’ee akka jiruufi kunis aadaafi dhudhaa gama moggaasa maqaa bakkeewwaniin jiru akka hawaasni Oromoo dagatuuf kan biraan akka dhaalamu ta’aa akka ture dubbatu. Kunis kan agarsiisu yeroo sabni tokko gabroomu miidhaan gama kanaanillee akka godhamu agarsiisa.

Yaada kana deeggaaruun Seefuun Omura (1994) Wabeeffachuunyoo ibsu “Some Oromos essentially become Ethiopians changing their names and their piece of their cultural identity in order to live among the dominant culture with less discrimination,” jechuun kaa’a. Kana jechuun hawaasichi addatti dhiibbaan utuu irra hin ga’iin jiraachuuf aadaa warra gabroomfatee dhaaluun afaan isaaniinmaqaa akka baafachaa ture agarsiisa. Kanaaf dhiibbaa siyaasni moggaasa maqaa bakkeewwaniirratti qabu keessaa:-

**1.Afaan Naannoo sanii dhiisanii Afaan siyaasa yeroo saniin dhaalamuu**

Akkuma yaada odeeffannoo kennitootarraa argamee keessaa gaaffii dhiibbaa sirnoonni darban moggaasa maqaa bakkeewwanii irratti geessisan jiraa jedhuuf Obboo Moosisaa Tuuchoo Caamsaa 20, 2014 yoo deebisan Uummanni Oromoo dur akka aadaafi seenaa hawaasichaatti sababa dhiibbaa siyaasa sirna nafxanyaa iraa kan ka’e bakkeewwan tokko tokko namoonni naannoo Amaraa irraa dhufanii qubachuun afaan isaaniin bakkeewwaniif moggasa isaan kennantu jira. Maqaa bakkeewwanii ilaalchisee kan akka fakkeenyaatti aanichaa keessaa maqaan bakkaa Guutuu jedhamtee kan waamamaa turte sababa sabni Amaaraa yeroo sana naannoo sana qubateef guutoo qofatti baasanii naannoo sanammoo “Aalgaa” jedhanii moggaasan. Dhiibbaa yeroo sanii irraan kan ka’e maqaan mana barumsaa bakka saanii M/B ‘Aalgaa’ jedhamee osoo hanga ammaa maqaa afaan naannoo saniitti hin jijjiramiin akka ture dubbatu.

**Effersii**: Effersiin maqaa gandaati. Kan inni argamu Aanaa Daarimuu keessa ta’ee,kaabaan Aanaa Algee Saachii ganda Abbaa Fardaa jedhamu, lixaan ammo Godina Wallaga lixaa Aanaa Noolee Kaabbaa magalaa Dabbassoo jedhamuun kan daangeffamedha. Afgaaffii maree gareef godhameen akka jedhanitti, Moggaasni maqaa bakka kanaa kan inni moggaafame dur yeroo Itaaliin biyya kana weerarte akka ta’e dubbatu. Kunis immoo moggaasni bakka kanaa afaan maalii akka ta’e beekuu baatanus bara Itaaliin biyya kana keeessa akka moggaafameefi hanga ammaattillee maqaa yeroo sanaan waamamaa akka jirtudha. Kun kan mul’isu siyaasni moggaasa bakkaa irratti dhiibbaa hanga hiika maqaa bakka saniillee wallaalutti kan geessee waan yeroo

sana ibsuun moggaasni bakkeewwanii akka moggaafaman kan ibsudha. Uummatni ganda Effersii keessa jiraatan uummata Oromoodha. Maqaan bakka kanaa garuu maqaa Afaan Oromoon moggaafame miti. Hiika bakka kanaas Afaan Oromoon maal akka ta’e ibsuu hin dandeenye. Dhiibban ture sun sadarkaa maqaa siyaasa yeroo saniin bakkeewwan moggaasurra darbanii maqaa namoota dhunfaallee yerootti jijjiiru akka eegalan kan hubatamudha.

Walumaagalatti, dhiibbaan kun dhiibbaa sirnoota darbaniin godhamaa ture seenaafi afaan warra Aangoorra jiranii guddisuun kan warra kaaniii akka sarbamuufi hawaasichi eenyummaa isaa dagachaa deemuun kan saanii akka hordofu yookaan dhaalu godhamee turuu agarsiisa.

## 4.3 Dhaamsa moggaasni maqaa bakkeewwanii qabu

Moggaasni maqaa bakkeewwanii hawaasa keessatti faayidaa hedduu kasn qabudha. Maqaaleen moggaafamanis hawaasa sana keessatti hiika mataa isaanii kan qaban waan ta’eef bakka tokko kan biroo irraa addaan baafnee hubachuuf moggaasni maqaa bakkeewwanii iddoo guddaa qaba. Kanaaf bakki sun bakkee kami irraa akka ta’eefi bu’uurri moggaasa maqaa bakka sanaa maal akka ta’ellee tilmaamuu nama dandeessisa. Yaada kana kan cimsuu Danesi, M (2004:104), yoo ibsu: “All names have historical and cultural specific meanings…Documents reveal that early peoples gave some a name with a definite knowledge of its meaning.”Yaada kana irraa waanti hubannu bu’uurri moggaasa maqaa kamiyyuu seenaafi taatee waan tokkoo akka ta’e ibsa. Hiikni moggaasa maqaa bakkeewwaniihiikoo kan argachuu danda’u bu’uura waanta moggaafameen akka ta’e ibsa.

Dabalataanis Qorataan Odeeffannoo kennitoota gaaffii bakkeewwaniif moggaasa moggaasuun ergaa/ dhaamsa maalii qaba jedhee gaafateen (caamsaa, 20, 2014) gaaffii maree gareef dhiyeessuun deebii isaan kennaniifi irratti walii galan bakkeewwaniif maqaa moggaasuun dhaamsa mataa isaa danda’e akka qabudha. Kunis moggasni bakka tokkoof kennamu callifamee osoo hin taanee, yaadannoon ta’e tokko akka jiru ibsu.Dhaamsi ykn ergaan moggaasa kanaas bu’uura waantichaa irratti hundaa’a. Kana jechuun maqaa namaan kan moggaafame yoo ta’e, hojii namni sun bakka sanatti hojjete ykn taasiseen kan ibsamudha. Gabaabumatti moggaasni maqaa bakkeewwanii hawaasa saniif dhaamsa inni qabu:

### 4.3.1.Yaadannoo:

Moggaasa maqaa bakkewwaniin walqabsiisnee yaadannoo yoo ibsamu, yaadannoo jechuun bakka sanitti wantoota ta'aniifi ta'anii darban kan itti yaadataniifi bakka sana kan ittiin ibsuu danda'an jechuudha.

kanarraa ergaan darbu sun seenaaykn yaadannoo nama maqaan kun ittiin mogga'ee yaadachiisuudha. Fakkeenyaaf, bakka ''Qilxuu Daarii" jedhamu kana yoo fudhanne,taateen dur achitti ta'e sun warreen seenaa moggaasa bakka sanaa beekaniif salphatti wantoota ta'anii darban san akka isaan yaadan taasisa. Kunimmoo moggaasni maqaa bakkeewwaniif kennamu irraa dhaamsi tokko akka darbu hubachiisa. Kana jechuun gaaffii bakka qilxuu daarii jedhamu kanaaf maqaan akkasii maaliif mogga'e? gaaffii jedhuuf deebiin argamu sun dhaamsaykn ergaa ta'uusaa mul'isa. Kanaafuu, moggaasni maqaa bakkeewwanii hawaasa naannichaaf, maddaykn yaadannoo bakka sanii akka ta'e ibsa. Walumaa galatti maqaan bakkeewwanii kan mogga'uuf dhaamsa barbaachisaafi qabatamaa ta'e tokko dabarsuuf akka ta'e hubachiisa.

### 4.3.2.Bakka tokko bakkee biroorraa adda baasuuf:

Akka Aanaa Daarimuutti maqaan bakkeewwan gandootaa hedduutu jiru. Bakkeewwan kunniin maqaa adda addaa kan qabaniifi kallattii garaagaraa irraatti kan argamanidha. Moggaasni maqaa bakkewwan kanneeniif kennamuun bakka isa tokko isa biraa irraa adda baasuuf kan moggaafamedha. Bakkeewwan kanneeniif maqaa adda addaa kennuun ammaa to'annoof hojiif illee akka oolu odeefkennitootni ni himu. Bakka tokko bakka biroorraa adda baasuun ammoo waa'ee diinagdee, siyaasaa, sababa moggaasa maqaa bakka sanii beekuun kan danda'amudha. Kanaafuu, bakkeewwaniif moggaasa maqaa kennuun bakkeewwan hedduu jiran keessaa bakka tokko eessafi kam akka ta'a akka adda baasaniif gargaara. Eessa yoo jedhamu iddoo argama bakkichaa yoo ta'u, kam kan jedhu ammoo maqaan bakka sanaa eenyuu akka ta'e ibsuufidha. Walumaagalatti bakka tokko bakka biroorraa kan ittiin adda baasuun danda'amu seenaa bakka saniirra darbee moggaasa maqaa bakka saniif kennameenidha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOFI FURMAATA

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun moggaasa maqaa bakkeewwanii irratti kan adeemsifame yoo ta'u qorannoo kana daangeessuufi qabatama taasisuun waan barbaachisuuf qorataan haala qabatamaa Godina I/A/Boor Aanaa Daarimuu irratti xiyyeeffachuun qoratee dhiyeessee jira. Qorannoon kunis "Mooggaasa Maqaa Bakkeewwan beekamoo Aanaa Daarimuu''mata duree jedhu irratti Kan hundaa'e yoo ta'u moggaasni dhugaa kun waan irratti hundaa'ee moggaafamu adda baasuuf odeeffannoo manguddoota irraafi namoota hubannoo qaban irraa argame xiinxaluun hiikni itti kannamee jira.Akkaatuma kanaan odeeffannoon funaanaman akkaataa itti hiikamaniif xiinxalaman boqonnaa afraffaa keessatti tokko tokkoon taa'ee jira.

Qorataan qorannoo kana yommuu adeemsisu kaayyoo galmaan gahuuf,mala ibsaatiin gosa qorannoo Akkamtaa jedhamu kan fayyadame yoo ta'u iddattoo filchuu irratti akaakuu iddattoo miti carraa keessaa iddatteessuu  akkayyoofi darbaa dabarsaa gargaaramuu maanguddootaafi namoota beekumsaafi muuxannoo qabaatanii aanicha keessa jiran moggaasa maqaa bakkeewwanii irratti odeeffannoo naaf kennuu danda'an jedhee itti amanu waajjira Aadaafi Turiizimii wajjin ta'uun filachuun karaa afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo gaaffii gama qorataan erga dhiyaatee booda deebii manguddootaaf namoonni hubannoo qaban kennan irratti hundaa'uudhaan ragaa argameen dhiyaateera. .

Kana malees bu'uurri maqaa bakkeewwanii maal akka ta'an dhiyaatanii jiru.Ragaan maanguddo ota, namaata hubannoo qabaniifi waajjira Aadaafi Tuuiizimii aanaa Daarimuu bifa sagalee, suuraan waraabamee hiikameera.Haaluma kanaan moggaasni maqaa bakkeewwanii maqaa namaa, maqaa gosaa, teessuma lafaa, taateewwan, kan moggoofamu ta'uu adda baheera.Waluma a galatti hawaasa Oromoo Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Daarimuu biratti moggaasni maqaa bakkeewwanii kan ittiin waamamu qofa osoo hin taane aadaa, yaadannoo, seenaa, ergaa mataaa isaa danda'e kan qabuufi seenaa wantoota biroo hawaasichaa kan ibsu waan ta'eef eegamuufi olkaa'amuu akka qabu qorannoon kun mul'seera.

## 5.2. Argannoo

Xiinxala moggaasa maqaa bakkeewwanii irratti adeemsifameen hiikni qorannoo kanaa qabxiilee kanaa gadiin ifa ta'ee jira.

- Odeeffannoon maanguddootaafi namoota hubannoo qaban irraa funaanamee hiikni itti kennamee jira.
- Hiikni ragaalee kunis xiinxalamee kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uudhaan yaada goolabaa irraa gahaameera.Kunis qorannoo kana keessatti argannoo qorannichaa akka ta'u ta'eera.
- Hiika moggaasa maqaa bakkeewwaanii aanaa Daarimuu keessa jiran adda baasee mul'isee jira.
- Moggaasani maqaa bakkeewwanii wantoota adda addaa bu'uura kan godhate ta'uun watoota saniin akka hawaasa ibsu ta'uu qorataan yeroo ragaa funaannattu hubannoo kanaa kan qaban namoota muraasa akka ta'an hubatee jira.Kun immoo dhaloonni ammaa moggaasa bakkeewwanii akka hubatu barreeffamaan kaa'uun barbaachisaa taa'uu mul'iseera.
- Bu'uurri moggaasa maqaa bakkeewwanii maqaa namaa, maqaa gosa, maqaa mukaa/biqilaa naannoo sanitti argamanii, teeessuma lafaa, taateewwaniifi waan naannootti baay'inaan argamuun ta'uu agarsiisee jira.
- Akkuma barreeffamaa moggaasnillee seenaa, aadaa, siyaasa,teessuma lafaa, qabeenya uumamaa, yaadannoo waan tokkoo, hidda latiinsaafi kan kana fakkaatan kan mul'isu ta'uu hubatameera.
- Moggaasni waan tokkoof moggaafame kan birootiifis ta'uu agarsiiseera. Fakkeenyaaf, Dambiin jalqaba maqaa mukaa yoo ta'u akka qaaccessa kana irraa hubannutti maqaa maqaa gandaa ta'ee tajaajilaa jiraachuu mul'ateeera.

## 5.3 Furmaata

Yaadni furmaataa qorannichaa goolaba irratti hundaa'uun akka armaan gadii kanatti ibsamanii jiru.Moggaasni maqaa bakkeewwanii dur osoo qooda fudhattoota g/galeessa hin godhatiin ta'iima waan tokkoof jecha kan moggaafamaa turedha. Kun immoo gaarii miti. Kanaaf fuulduratti maqaa bakkeewwanii moggaasuufis ta'e kan dura mogga'e irraa jijjiiruuf osoo qooda fudhattoota hirmaachisanii gaarii ta'a.

- Bu'uurri moggaasa maqaa bakkeewwanii seenaa har'a bakka sanatti ta'e qofaan osoo hin ta'iin haala dur inni keessa jiru hubachuun osoo qooda fudhattoota fayyadamanii moggaasanii gaarii ta'a.
- Aadaa hawaasicha ibsuu keessatti dhaamsi moggaasni maqaa bakkeewwanii qabu dhaloota haaraa hubachiisuun aadaafi seenaa yaadachiisaa itti fufsiisuufi tursiisuu akka danda'u osoo ta'ee filatamaadha.
- Waajjirri Aadaafi Turiizimii aanichaa, akkaataan moggaasa maqaa bakkeewwanii aadaa Oromoo keessaa maal akka fakkachaa ture adda baasuun aadicha tursiisuufi dhalootatti dabarsuuf hubannoo dhaloonni ammaa qabu cimsuufi hojii raawwatanirratti akka ka'uumsaatti itti gargaaramuu kanarra gadi fageenyaan qoratee ragaaf osoo olkaa'ee gaarii ta'a.
- Akkasumas, namoota gara fuula duraatti qorannoo kana fakkaatu hojjetan kana ka'umsa godhachuu kanarra waan fooyyee qabu osoo dhiyeessanii gaariidha.

## WABIILEE


Abdulsamad.(1994). *Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Bole Printing

Addunyaa Barkeessaa .(2010). **Natoo**: *Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega printing place

Adunyaa Barkeessaa (2011). **Akkamtaa**: *Yaadrimee qorannoo hujoo*. Mega Printing Place

Alamaaayyoofi kaawwan (2006). Seenaa Oromoo Hangaa Jaarraa 16ffaa, Finfinnee: BATO

Andersen, R. (1976) Afunctional acquisition hierarchy study in Puerto Rico. Paper presented at the 10th annual TESOL conference, New York, New York, March, 1976

Blum S. (1997). *Language and Society*: Naming Practice and Power of Words in China. Vol. 26 NewYork: Cambridge University Press

Crystal D .(1989). *The Cambridge Encyclopedia of Language*. Cambridge: Cambrige University press.

Dastaa Dassaalany (2013).*Bu'uura Qorannoo*. Yuunvarsiitii Addis Abaabaatti Barsiisaa, Qorataafi Barreessaa.Maxxansa lammaffaa. Printd by Far East trading PLC.

Denscombe,M. (2007).The good research guide for small scale social research project 3rd ed.open university press.

Dowson, C. (2002)*Intrudction to Reaseaech Methods*. United Kingdom: How to books Ltd.

Elias Bahiru .(2004). Amaharic Onomastics. A class Ethiopia, Legency concept. Vol.I. London. Mellen Press

Eddy, B. (2005). New Encyclopedia Britanica.Vol. 24 (13thed.) U.S.A: Encyclopedia Britanica Inc

Fiqirtee Asaffaa. (2009) "Qaacceessa Ergaafi Bu'uura Moggaasa Maqaa Iddoowwanii: Godina Arsii Aanaa Zuwaay Dugdaa'' irraatti xiyyeeffate, Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaffaa Guuttachuuf Dhiyaate.Finfinnee … (kan hin maxxanfamiin

Geetachoo Rabiirraa. (2006). *Furtu*u. Finfinnee: Dhabbata Maxxansa Kuraazii

Kotheri,Kumar, R. (1996). *Research Methedology: A step by step Guide fore Beginniners*. Addition Wesley Longman Australian pty Limited

Leach, E. (1966). Virgin Brith in proceedings of Royal Anthropological Inistitution

Levi,Staiss.(1966). The Sallage Mind.London Weiden.Feld and Nicaolson.

Marsanii Bobbaasaa (2008). *Duudhaa. Barruulee Ayyaana Irreechaa*. Finfinnee D.G printing

Oring, E.(1986).Folk Groups and Folklore Genres: Anintroduction. Logan Utaha: Utaha University press.

Powell. M. (1990).*Biblography of Place naming Literature*. United States and Canada: Canada

Shifarraaw (2008) Xinxala Sirna Moggaasa Maqaa Oromoo Gujii

Seeyifuu Tsaggaayee. (2008). “Xiinxala Moggaasa Maqaa Daa’immaniifi Bakkeewwanii Aanaa Walisoo”Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaffaa Guuttachuuf Dhiyaate.Finfinnee.(kan hin maxxanfamiin

Shifarraa Kabbadaa (2008).”Xiinxala Sirna Moggaasa Maqaa Oromoo Gujii”Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaffaa Guuttachuuf Dhiyaate .Finfinnee (kan hin maxxanfamiin)

Scott, W. and Deirdred, D. J. (2009).*Research Methodology for everyday life*. Sanfransisco: Jossey Bass Publisher

Smith, E. (1969). Theory of Name Lore. New York : Harper and Raw Publisher

Stewart, G. (1967). Name of the Land.A historica Account place naming in the United States. Boston Houston Milton Company

Turner, V. (1969). Forms of Symbolic Action in R.F Spencer(ed), Forms of Symbolic Action, Proceeding of the spring meeting American Ethinological Society. Seatle: University of Washington press

Victor.D. (2009) *Resaerch Design and methods for studing culture*. New York: Altamira.

WMQI .(1997). *Macaafa Qulqulluu*. Addis Ababa: Mana Maxxansa Biraanii Salaam.

# Dabalee A

## Yuunvarsiitii jimmaa

## Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Huumaniitiitti

### Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

### Afgaaffii Odeeffannoo Funaannachuuf Qophaa'e:

Jaalatamtootaafi kabajamoo odeefkennitoota afgaaffii qorannoo kanaa, qorannoon kun mata duree "Xiinxala Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Daarimuu" jedhu qorachuu irratti xiyyeeffata.

Kaayyoon gaaffannoo kanaa qorannoo taasisuuf Yuunivarsiitii Jimmaatti gosa barnootaa Afaan Oromootiin digirii lammaffaa guuttachuuf waan ta'eef, gaafannoo qoratichi isinii dhiyeessu yaada deebii ni ta'a jettan deebisuun akka gumaachitan kabajaan isin gaafadha.

Odeeffannoon isin naaf kennitanis qorannoo kana qofa ittiin qorachuu qofaaf kan dhimma itti bahudha.

Gargaarsa keessaniif galatoomaa!

Maqaa guutuu____________________________saala____________umrii__________

Bakka jireenyaa: Aanaa______________ ganda _______________

Gahee hawaasa keessatti qabu________________________sad.barumsaa_______________

**Qajeelfama:** Afgaaffilee Armaan gadiitti dhiyaataniif haala gaafatamtanirratti hundaa'uun afaaniin deebii keessan kennaa.

1. Akaakuu moggaasa maqaa aanaa Daarimuu maal akka ta'an eenyutu naa ibsa?

2. Haalli moggaasa maqaa Bakkeewwanii Aanaa Daarimuu keessa ture maal fakkaata?

3. Moggaasni maqaa Bakkeewwanii maal bu'uureeffachuun moggaafaman?

4. Dhiibbaan gama siyaasaan yookaan sirnoota darbaniin moggaasa maqaakan bakkeewwaniirra gahe jiraa? Yoo jiraate eenyutu naa ibsuu danda'a.

5. Moggaasni maqaa Bakkeewwanii dhaamsa akkamii qaba?

6. Moggaasa maqaa bakkeewwani ilaalchisee waanti dabaltan yoo jiraate

# Dabalee B

## Yuunvarsiitii jimmaa

### Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Huumaniitiitti

### Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

**Gaaffilee Afgaaffi maree garee xiyyeeffanoo xanguddootaaf dhihaate**

**Qajeelfama:**Gaaffilee Armaan gadii Akkaataa Qabatamaa Aanaa kana keessa tureefi muxannoo keessan itti dabaluun akka naaf deebiftan kabjaanan isin gaafadha.

1. Haalli moggaasa maqaa Bakkeewwanii Aanaa Daarimuu keessa ture maal fakkaata?

2. Moggaasni maqaa Bakkeewwanii maal bu'ureeffachuun moggaafama?

3. Dhiibbaan gama siyaasaan yookaan sirnoota darbaniin moggaasa maqaaKan bakkeewaniirra gahe jiraa? Yoo jiraate eenyutu naa ibsuu danda'a.

4. Moggaasni maqaa Bakkeewwanii dhaamsa akkamii qaba?

5. Yaadni addaa waa'ee Moggaasa maqaa bakkeewwanii irratti qabdan yoo jiraate

## Dabalee C

Namoota Odeeffannoo Afgaaffii Kennuun hirmaatan

| T/L | Maqaa | Saala | umrii | Ganda | Sad.bar | guyyaa | Hojii | Yaada kennaman |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 01 | ObboTaakkkalaa Qananoo | Dhi | 70 | Gamballaa | k-8 | Eebla,17,2014 : | Q/bulaa | Bu’uura Moggaasa Bakkewwanii |
| 02 | Obbo Bantii Jimaa | Dhi | 65 | Hiriyoo | k-5 | (Eebal,22, 2014:) | >> | Dhaamsa moggaasa maqaa bakkaa |
| 03 | Obbo Raddaa Itichaa | Dhi | 62 | Gobbee | | | >> | |
| 04 | ObboOlaanaaGaarradoo | Dhi | 60 | Goboraa | | (Eebal,22, 2014:) | >> | Bu’uura Moggaasa Bakkewwanii |
| 05 | ObboXilahuun Ittaansa | Dhi | 61 | Haramii | | Caamsaa,10,2014 | >> | >> |
| 06 | Addee Xajjituu Dinqaa | Dha | 62 | Uuchee | | Caamsaa,5,2014 | >> | >> |
| 07 | AaddeGeexeeYaggazuu | Dha | 65 | Beenaa | | caamsaa,15,2014 | >> | >> |
| 08 | ObboMoosisaaTuuchoo | Dhi | 68 | Walee | | caamsaa15, 2014 | >> | >> |
| 09 | ObboZarihuunBafiqaaduu | Dhi | 75 | Kattaa Barkoo | | caamsaa, 4, 2014 | >> | Dhiibbaan siyaasni moggaasa bakkeewwanii irratti qabu |
| 10 | Obbo Adam Nasir | Dhi | 71 | Botoo | | Caamsaa,7,2014 | >> | Faayidaa moggaasa maqaa bakkeewwanii |
| 11 | Obbo Tasfayee Chiloo | Dhi | 49 | Duphaa 01 | Digiri | Caamsaa,12,2014 | Hojjetaa | Bu’uura Moggaasa Bakkewwanii |
| 12 | Obbo Tamasgeen Kumaa | Dhi | 42 | Duphaa 01 | Digiri | Caamsaa,12,2014 | Hojjetaa | Dhaamsamoggaasa maqaa bakkaa |

## Dabalee D

Namoota Maree Garee Kennuun hirmaatan


| T/L | Maqaa | Saala | umrii | Ganda | Sad.bar | guyyaa | Hojii | Yaada kennaman |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 01 | Obbo Olaanaa Kumaa | Dhi | 60 | Gamballaa | k-8 | Eebala, 22, 2014:) | Q/bulaa | Bu’uura Moggaasa Bakkewwanii |
| 02 | Obbo Tibbumaa Birruu | Dhi | 75 | Adaree | k-5 | | >> | Dhaamsa moggaasa maqaa bakkaa |
| 03 | Obbo Raggaasaa Leejjisaa | Dhi | 62 | Hiriyoo | | | Q/Bulaa | |
| 04 | Obbo Dassaaleny Qixxeessaa | Dhi | 60 | Waa-beekoo | | | Q/Bulaa | Bu’uura Moggaasa Bakkewwanii |
| 05 | Obbo Baacaa Abuuruu | Dhi | 61 | Haroo | | Caamsaa15, 2014 | Q/Bulaa | >> |
| 06 | Obbo Shukkaree Daamxoo | Dhi | 62 | Uukii | | | Q/Bulaa | >> |
| 07 | Obbo Mootii Mogosee | Dhi | 65 | Bendoo | | | Q/Bulaa | >> |
| 08 | Obbo Shuumaa Xuurii | Dhi | 68 | Walee | | | Q/Bulaa | >> |
| 09 | Obbo Tamasgeen Marabbaa | Dhi | 45 | Duphaa | | | Ho/waajjira A/T | Dhiibbaan siyaasni moggaasa bakkeewwanii irratti qabu |
| 10 | Obbo Fulla’aa Taaddasaa | Dhi | 65 | Tuulama | | | Q/Bulaa | Faayidaa moggaasa maqaa bakkeewwanii |


## Dabalee E

Suuraa namoota Afgaaffiin Hojjettoota Aadaafi Tuurizimiif Taasif



**DabaleeF**:Ragaalee waajjira aadaafi tuurizimii aanaa daarimuu irraa fudhataman





**Seenaa Dhufaatii Oromoo Aanaa Daarimuu**

Uummanni har'a Addunyaa kana irraa jiraatan fi faranjoota waraa oldie,Arabootaafi warra bifa keelloo(mongo leens)akkasumas Ummatnii warra gurrachaa hundi sayii namooata kanneen kanaan dura du'aanii fi kanneen amma lubbudhaan jirataan biliyoonaan lakka wamaan sababa addaa addaan bifa fi amalaan adda addaa haaqabatanu malee maddi ka'uumsaa ganamaa nama tokko irraa akka ta'e kitaboonni amantii adda addaa fi qoratoonni mudda umama dhala namaa adda addaa kanuma ta'uusaa ni mirkaneessu.umamni kun wal horuu dhaan baayyachuu saa wal-jalaa siqinsaan haala jarreenyaasaa mijeettannaa keessa bakka adda addaa qubachuun akka jiraatu taasiseera.

Bu'uuruma kanaan ummanni Oromoos madda ka'umsa isaa jedhamuun beekamu madda walabuu(baala irraa haala jirreenya isaa mijeeffachuuf jecha dame lamaan(2)boora fi Baareetumaa jechuun kallatti lamaana.Gara kaaba bahaa fi gara dhi'aatti tamsa'u bakka amma biffa oromoo jedhamu qabachuu danda'aniiruu

Haala kanaan dameen hortee bareentummaa kallattii Bahaa fi kaaba tti dameen hortee booranaa immoo gara kaaba Dhihaa fi dhiaatti hortee baroota heedduu fulaa dura sochii baballachuu taasisaaniin lafa amma irraa jiran qabataniru

Oromoonni dame gurguddoo lamaan kanaan kallattii lamaaniin baballachuu taasisaan keessatti ilmaan isaaniis dammilee kumatamatti lakkawwamaan ummachuudhaan adeemsaa isaanii galmaan qabaataniru

Bu'uurumaa kanaan oromoonni har'a Aanaa Daarimuu keessa jiraatanis adeemsa sochii baballina oromootaa duraan tureen dame Booraanaa ilmaan maccaa keessatti uumamee keessaa wallaga irraa

Haala kanaan Aanaan Daarimuu keessuuma gurguddoo sadii(3) kan ta'an dursanii akka qabatan qorannoon godhamee ni mirkaneessa

Kanneenis 1. Buunnoo

2. Daaphoo fi

3. Daarimuu kan jedhamanii yoo jiraate iyyuu dameen kan biraas Dameen Cooraa jedhaamu yamboo gadidhisisee naannoo garaa garaa amma irra jiranu kana kan qabatanii hanga har'atti turan ta'uu isaanii manguddooleen isaanii tokko tokkoo

2

*Hortee daarimuu kan jedhaman kun balbala sadii (3) qaba sadan Daarimuu jedhamuun became waamamas :-*

*Isaanis I.Buchoo – Angafa*

*II.Waloo-Quxisuu*


*III.Barihoo-Sadaffa/quxusuu-quxusuu/*

***I.Buchoo** :- kan jedhamu jalqaba dhufuun naannoo Baambii amma jedhamu yommuu qabatu .Waloo immoo bishaan golol ce'ee qubate .Barihoo kan jedhamu immoo naannoo Guutoo akka qubate ni ibsama.Haala kanaan har'as yoo ta'e horteen jarreen kana sadanii haaluma duraan abbootiin isaanii qabataniin akka jiranuudha. Haalumma kanaan horteen dame buchoo jedhaman Abeeloo ,Inaariyoo,,Nyahaa,Abunnaa,Saraa,Tamaanii ,Awaddii warra jedhamaniidha.Isaan kunis balbala yookiis damee hedduu of jalatti qabu.*

***II.Waloo:-** horteen damee waloo yoo dhufu obboleessa isaa Buchoon mariyatee bishaan tokko ce'ii qabadhu waan ittin jedheef bishaan kanas golol jechuun moggaasaanii gololiin ce'anii qabatan .Horteen Waloos :- Utuboo,Walsoo,Buuraa,Riqtuu,Badoo,Baabbilee,Alga Tuulama,Tulluu,Furdoo fi Kittoodha.Ijooleen damee Waloo balbala mataaisaanii uummachuun yeroo ammas bishaan golol gama naannoo algaa qubatanii jiru.*

*III.Barihoo:- Barihoo ijoolee isaa qabatee lafa qubbannoo obbolaa isaa garanaf gara gaditti hanbisee gidduudhaan gara bishaan gaabbatti aansee qubatee.Horteen Barihoo balbala mataa isaanii ummatanii jiraatuu isaaniis :-Allaa ,Jalduu,Ilaalla,Tuulama ,Caatuu,Jaarsoo,Adamii,Sanbatoo,Makkoo,Eeguu,WasixxiJanjarroo jedhamun balbala kudha lama(12) ta'uu walumagallatti daarimuu sadan biyyaa kana dhufan bosonaaf holqaa jiran keessa uummata gurracha yamboo jedhaman irra ari'atanii akka qubatan himama.Dameen Darimuu jedhamu haala armaan olitti ibsameen aanicha keessatti lafti isaan qabatanii jiran karaa konkolaataa Laaloo-Mattuu wal qaqqabsiisuu irra kallattii kibbaan ta'ee yommuu gara Mattuu adeemamu harkaa mirgarraa karaa guddaa qabatee kallattii daaphoo Gaachoon qilxuu –Darii bakka jedhamuun deebi'ee kallatti bahan ganda qonnnaan bulaa Botoo fi Odaa Kaamma gidduu qilxuu waranna kan jedhamuun deebi'ee hanga bishaan gabbaatti lafa jiruu irra qubatanii argamu .*

*Yeroo amma gandoolee Beeroo,Abunnaa galii,Baabboo,Ilaalaa,Kaattaa,Baarkoo,Eeguu,Hiriyoo,Addare,Bendoo,Walee,Tuulama Ukkii ,Kusaayye fi Duphaa01 keessatti baayinaan jiraatu .*



## Hortee Daarimuu

### 1.Buchoo

- Abeelo
- Innaaroo
- Nyahaa
- Abuunnaa
- Sarraa
- Tamaanii
- Awaddii
- Wareja

(8)

### 2.waloo

- Utuboo
- Wasoo
- Buuraa
- Riqituu
- Badoo
- Baabbilee
- Algaa
- Tuulama
- Tulluu
- Furdoo
- Kittoo

(11)

### 3. Barhoo

- Guutoo
- Allaa
- Jalduu
- Tulamaa
- Ilaala
- Caatuu
- Jarsoo
- Adamii
- Sanbatoo
- Makkoo
- Eeguu
- Wasiixii
- Janjaroo

(12)

6

**2/ <u>Buunnoo :-</u> Akkaa***taa qubannoo hortee Buunnoo fi hortee kana kan inni qabatee irratti waraanee waraanamee ajjeessef itti du'ee daangaa isaa kabachiisachaa ture karaa bahaa daangaa Suphee Borootiin,kallattii kibbaan daangaa lafa daarimuu laga bishaan Asas jalqabaa /magaala gajjallaa kallatti dhihaatiin daangaa Daaphoo Gaachoo fi kallattii kaabaatiin bishaan laga Walajjee daangeffamee lafti karaa guddaan jiru kan Buunnootti .*

*Sochiin baballinaa uummataa Oromoo yommuu ture bara durii keessaa Buunnoo namni jedhamu hortee damee ilmaa maaccaa keessaa damee mataa isaa lafa amma jedhamee kana qubachuu danda'eera.*

*Buunnoo ijoollee isaa malees damiilee biroo ofitti galchuu akkumma hortee Buunnootti lakka'uun baaya'achuu danda'aniiru .*

*Buunnoon afur (4) jedhama .Kana jechuunis balballi hortee buunnoo damiilee afuritti /4/ bahee wal horaa jira jechuudha. Arfanu immoo kophaa kophaatti damiilee mataa isaanii qabu .Haala kanaan dameen /balballi /Buunnoo:- 1.Haannaa 2.Moguu 3.Beeroo 4.Imbooroo dha.*

*Oromoon Buunnoo akkumma Oromoo biroo habaashaa 1ffaan mo'amee itoophiyaa jedhametti sirna gadaan wal bulchaa ture .Yeroo sanas Buunnoon arfan sirna bulchiinsa isaanii gadaa bakki isaan yookiin Odaa jalatti wal gahaanii waa'ee uummatta isaaniif daangaa isaanii kabachiisuuf abbaa gadaa muuduuf walumaa galatti waa'ee jiruf jireenya isaanii waliin mari'atanii murteeffatan "Odaa Buruurii " qilxuun jedhamee hanga ammaatti waamamu jalatti .Odaa Buruuriis kan argamu ganda qonnaan bulaa waabeekoo keessatti Shoobe jedhamuun naannoo waamamutti dirree dheeraa fi miidhagduu tokko irraatti .*

*Caasaan mootummaa Minilikki 2ffaa weerara xaaliyaanii isa jalqabaa bara 1888 Adawaa irratti duula waraanaa gaggeesseen ergaa mo'atee booda caasaa mootumaa isaa diriirsuun Buunnoos to'annaa jala oolchuu danda'eera .Yeroo sanaa eegalee hanga Xaaliyaaniin yeroo 2ffaa mo'amtee bara 1933tti Xaqilaayi Gizaatii /Bulchiinsa Wallaggaa jalatti dhagahaa/ bulaa turte ./Naqamtee /Leeqaa Arjoo jalatti.*

*Haata'u malee naannoon Buunnoo jedhamuun beekamu kun gara kutaa bulchiinsa Iluu Abbaa Booriitti kan deebi'e yeroo mootummaa Haayile sillaasee Xaaliyaaniin rukutamtee bara 1933 booda caasaa mootummaa diriiree keessatti.*

7

## *Daarimuu Baambii*

*Daarimuu Baambii mogaasa maqaa jedhu kana eessa argate?*

*Akka seenaa Oromoo duranii ibsuutti uummanni Oromoo bakka duraan ture irraa baayinna uummata isaanii loon isaatiif kan ka'e lafa bal'aa fi jireenya namaafi looniif tolu barbaacha duula baballinaa gaggeessaa akka ture seenaan ni yaadata .*

*Bu'uura kanaan uummanni Oromoo gara dhihaa fi kaaba dhihaatti damee lamaan Oromoo keessa tokko kan ta'ee hortee Maaccaa fi Tulamaadha.Har'as tanaan gama kana irraa Oromoonnii qabatanii jiranu hortee ilmaa maaccaa fi tuulamaadha malee horteen damee lammaffaa Oromoo Baarentudha.Waggoota dheeraadha as sababa hongee fi gogiinsa baha Oromoyaa qaqqabeen mootummaan gara dhihaatti fide malee dameeleen Oromoo lammaan kallatti sochii taasisaniin bakka gahan qabiyyee taasifatanii jraatan .*

*Sochii baballachuu taasifamee kana keessatti damiileen lamaan kun dameelee xixxiqaa uummatanii lafa qubatan keessa Daarimuu kan jedhamu hortee ilmaan Maaccaaa keessa kan ta'ee dame mataaisaa uummatee Daarimuu Deeggaa (Wallagga irra gara aanaa keenyaatti hortee Daarimuu keessa Buchoo,Waloo fi Barihoo kan jedhaman bara jalqabaa dhufuun qabatan jedhama.*

*Yeroo dhufan lafa kana kan turan sanyii warra gurrachaa "Naayolotikii " kan ta'an hortee Yamboo "Masangoo " kan jedhaman akka turan ni odeeffama.*

*Oromoonni dhufan kun jiran gurraacha kana irra ariyachuudhaan bosona guddaa yeroo ammaa Baambii jedhamuun wamamu irra qubatan jedhama.*

*Hortee warra gurraacha yaamboo jedhamuun beekaman kana keessa namni beekamaa jarreen gurraacha kana hoogganu Yamboo maqaan isaa "Baambii "bishaan "Baambii" jedhamuun wamama.Kana irraan ka'ee horteen daarimuu as qubatees daarimuu baambii jedhamuun beekama .*

5